



**XIINXALA GAHEE OGBARRUUN AFAAN OROMOO
BARSIIISUU IRRATTI QABU: XIYYEEFFANNAA KUTAA 5- 8**

ADAANAA NIGUSUU RAGGAASAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOO GAMIISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII
KOOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

FULBAANA 2014 / 2021

ADDIS ABABAA

**XIINXALA GAHEE OGBARRUUN AFAAN OROMOO
BARSIIISUU IRRATTI QABU: XIYYEEFFANNA KUTAA 5-8**

QORATAA: ADAANAA NIGUSUU RAGGAASAA

GORSA: TAADDASAA JAALATAA (PhD)

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOO BARSIIISUUF GAMIISAAN
GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII
KOOLLEEJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**FULBAANA 2014 / 2021
ADDIS ABABAA**

Yuunivarsiitii Addis Ababaa Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA)

Afaan Oromoo Barsiisuuf, Guuttachuuf Adaanaa Nigusuutiin

**Mata duree: “Xiinxala Gahee Ogbarruun Afaan Oromoo Barsiisuu Irratti Qabu:
Xiyeeffannoo Kutaa 5- 8” jedhu irratti qophaa’e sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa’e
guuteera.**

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamaa muummee yookiin walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA).

Axereera

Kaayyoon guddaan qorannoo kanaa gahee ogbarruun Afaan Oromoo barsiisuu irratti qabu xiinxaluudha. Ka'umsi qorannoos ogbarruun Oromoo akkuma hawaasa keessatti faayidaa qabu barnoota Afaan Oromoo barattoota gonfachisiisufis gahee guddaa osoo qabuu xiyyeeffannoon kennameef laafaa ta'uu isaati. Innis haala qophii kitaabaa, barsiisotaa fi barattoota bira laafinni jiraachuu isaati. ogbarruun kaayyoo barnoota Afaan Oromoo milkeessuu keessatti gahee olaanaa qabu kun gahee inni barnoota Afaan Oromoo kutaa 5^{ffaa} –8^{ffaa} barsiisuu irratti qabu xiinxaluudha. Kaayyoowwan qorannoo kanaa keessaa inni tokko ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun bu'aa inni qabu addeessuu/ ibsuudha. Qorannoon kun kan adeemsifame mala qorannoo akkamtaatti (qualitative Research Method) fayyadameeti. Sababni malli kun filatameefis hojii xiinxala qorannoo kanaa lakkoofsan osoo hin taane jechootan waan ibsameefi. Kanuma bu'uura godhachuun odeffannoo qabatamaa fi amansiisaa ta'e tooftaa odeeffannoo funaanuu mata duree qorannoo waliin wal simu kanneen akka : Sakatta'a kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8, dabtara barattootaa, bargaaaffii fi daawwannaa daree fayyadamuun ragaaleen qorannichaa funaannamanii jiru. Odeeffannoon funaannames akkaataa walitti dhiyeenya isaanitiin qoqqoodudhaan xiinxalamanii jiru. Dabalataanis argannoon qorannoo kanaa akka mul'isutti ogbarruwwan kanneen akka : asoosamaa, walaloo fi diraamatti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun baay'ee laafaa ta'uu fi haala qophii kitaaba barattootaa keessattis hammatamee qophaa'uu irratti hanqinni guddaan jiraachuu isaa agarsiisa. Dhumarrattis ogbarruun Afaan Oromoo barsiisuu irratti gahee guddaa waan qabuuf, haalli qophii kitaaba barataa/ ttuu ogbarruwwan gaggabaaboo kanneen akka : asoosamaa, walaloo fi diraamaa of keessatti hammachuun akka qophaa'uu qabaniif barsiisonnii fi barattoonnis adeemsa Afaan Oromoo baruu fi barsiisuu keessatti ogbarruutti sirnaan akka fayyadaman qorannoon kun eeree jira.

Galata

Qorannoon kun akka fiixaan ba'uuf yeroo isaanii aarsaa godhanii nuffii tokko malee deeggarsa walirraa hincinne kan naaf kennan gorsaa koo kan ta'an Taaddasaa Jaalataa (PhD) onnee koo irraa kan ka'e galata guddaan qabaaf.

Dabalataan maatii koo kan ta'an: abbaa koo obbo Nigusuu Raggaasaafi haadha too adde Maammituu Hayilee yaadaafi deeggarsa maallaqaatiin hangan qorannoo kana xumurutti nacinaa dhaabbatanii waan nagargaaraniif galata olaanan qabaaf.

Akkasumas qindeessituu mana barumsa kootii kan taate barsiistuu Shawaayyee Baqqalaa deeggarsa waraqaafi qalamaa qorannoo koo kanaaf waan tumsa naaf taasisaniif guddiseen galateeffadha.

Itti dabalee barsiisota yaadan nacinaa dhaabbatanii nagargaaraa turan nan galateeffadha.

Walumaa galatti qorannoon koo kun fiixaan ba'iinsa akka argatuuf wantoota nabarbaachisan mara kan nadeeggaran hundaan horaa bulaa jedheera.

Hiikaa Jechoota Haarawaa (Jibsoo)

Jechoota armaan gaditti dhiyaatan kan barbaachiseef tarii dubbistoonni muuxannoo fi hubannoo adda addaa qaban yemmuu dubbisan gufuu akka itti hintaanefiidha.

Arga-yaada _____ Waan arganii fi waan yaadan

Caqasuu _____ Dhaggeeffachuu

Dalaguu _____ Hojjechuu

Gahee _____ Qooda (Shoora)

Hurruubuu _____ Gochaan agarsiisuu

Lakk . _____ Lakkoofsa

Xurree _____ Karaa (Daandii)

Jamaa _____ Uummata

Daraan _____ Sirriitti

Fooggaluu _____ Dheekkamuu(Loluu)

BAAFATA

Qabiyyee	Fuula
Axereera	i
Galata	ii
Hiikaa Jechoota Haarawaa (Jibsoo)	iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1 Seen –duubee Qorannichaa	1
1.2 Ka’umsa Qorannichaa	2
1.3 Kaayyoo Qorannichaa	4
1.3.1 Kaayyoo Gooroo.....	4
1.3.2 Kaayyoowwan Gooree	4
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa	4
1.5 Daangaa Qorannichaa	5
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	5
1.7 Qindaa’ina Qorannichaa.....	5
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU	7
2.1 Yaad-rimee Ogbarruu.....	7
2.2 Maalummaa Ogbarruu.....	7
2.2.1 Ogbarruu Akka Waan Barreeffama Maraatti	8
2.2.2 Ogbarruu Akka Barreeffama Muraasatti	8
2.3 Gosoota Ogbarruu	8
2.3.1 Asoosama.....	8
2.3.1.1 Maalummaa Asoosamaa	8
2.3.1.2 Gosoota Asoosamaa.....	9
2.3.1.2.1 Asoosama Dheeraa (Novel)	9
2.3.1.2.2 Asoosama Gabaabaa	10
2.3.1.3 Wal fakkeenyaafi Garaagarummaa Asoosama Dheeraafi Asoosama Gabaabaa ...	10
2.3.2 Walaloo.....	11
2.3.2.1 Maalummaa Walaloo.....	11

2.3.2.1.1 Gosoota Walaloo	11
2.3.2.1.2 Qeenxoowwan Walaloo	12
2.3.3 Diraamaa.....	12
2.3.3.1 Maalummaa Diraamaa.....	12
2.3.3.2 Faayidaa Diraamaa.....	12
2.3.3.3 Akaakuwwan Diraamaa	14
2.3.3.4 Caacculee Diraamaa.....	15
2.4 Qorannaalee Qorannichaan Walitti Dhiyaatan (Kan Kanaan Dura Hojjetaman)	16
BOQONNAA SADI: SAXAXA MALA QORANNOO.....	20
3.1 Seensa.....	20
3.2 Saxaxa Qorannoo	20
3.3 Mala Qorannoo.....	20
3.4 Irraawwatama	21
3.5 Madda Odeeffannoo.....	21
3.6 Mala Iddatteessuu.....	21
3.7 Mala Odeeffannoon Ittiin Funaanname.....	22
3.7.1 Bar-gaaffii.....	22
3.7.2 Daawwannaa.....	22
3.7.3 Sakatta'a Dokomantii (Ragaa).....	23
3.8 Mala Odeeffannoon Ittiin Ibsame	23
BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO HIIKUUFU IBSUU.....	24
4.1 Xiinxala Gahee Ogbarruun Afaan Oromoo Barsiisuu Irratti Qabu.....	24
4.1.1 Gahee Ogbarruun Dandeettii Dhaggeeffachuu Goonfachiisuu Irratti Qabu	24
4.1.2 Gahee Ogbarruun Dandeettii Dubbachuu Goonfachiisuu Irratti Qabu	26
4.1.3 Gahee Ogbarruun Dandeettii Dubbisuu Goonfachiisuu Irratti Qabu	27
4.1.4 Gahee Ogbarruun Dandeettii Barreessuu Goonfachiisuu Irratti Qabu	27
4.2 Itti Fayyadama Ogbarruu Haala Baruu-barsiisuu Irraa Argame	28
4.3 Kitaabilee Afaan Oromoo Kutaa 5-8 Keessa Ogbarruuwwan Jiran	29
4.4 Itti Fayyadama Ogbarruu Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5-8 Keessatti jiru.....	30

4.5 Ogbarruutti Fayyadamanii Afaan Oromoo Barsiisuun Bu’aa Inni Qabu.....	31
4.5.1 Dandeettii Afaanii Afran Barattoonni Akka Goonfatan Taasisa.....	31
4.5.2 Barattoonni Afaanichaaf Xiyyeeffannaa Guddaa Akka Kennan Isaan Taasisa	33
4.5.3 Barattoonni Gara Fuula Duraatti Ogbarruuwwan Adda Addaa Akka Isaan Barreessan Taasisa.....	33
4.6 Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5-8 Keessatti Ogbarruuwwan Faayidaa Guddaa Kennuu Danda’an	34
BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA (CUUNFAA) ARGANNOOFI YABOO (YAADA FURMAATAA).....	47
5.1 Guduunfaa (Cuunfaa) Argannoo.....	47
5.2 Yaboo (Yaada Furmaataa)	48
WABIILEE	49
DABALEEWWAN.....	50
Dabalee A.....	50
Dabalee B.....	51
Dabalee C.....	52

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Seen –duubee Qorannichaa

Afaan meeshaa wal qunnamtiifi ibsituu aadaa ta'uun shoorri inni jiruu fi jireenya hawaasa tokko keessatti qabu olaanadha. Kanaafuu, hawaasicha irraa adda ba'ee bu'aa buusuu hin danda'u. Guddinni afaanis guddina hawaasaa bu'ureeffata (Alamituufi Taarikuu, 2010:3).

Afaan Oromoo afaan hojii akkasumas afaan saayinsiifi teeknoolojii ta'uuf barnoonni Afaan Oromoo sirnaan kennamuun murteessadha. Barnoota Afaan Oromoo hubatamaa taasisuuf ammo ogbarruuwan Afaan Oromoo gahee guddaa qabu. Keessumattuu barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 keessatti xiyyeeffannoo guddaa barbaachisa.

Dhiibbaa jaarraa tokkoo ol saba Oromoo irra tureen Afaan Oromoo barachuufi qorannoo ittiin gageessuun waan yaadamu hin turre. Sababni Oromoon jaarraalee darban keessa afaan isaatti gargaaramee akka seenaa isaa, falaasama isaa, aadaa isaafi ogbarruu isaa hin guddifanneef akkasumaas, akka eenyummaan saba kana dagatamuuf mootummoonni abbaa irree irratti ciqilfachaafi maqaa hin taane kennaafii dhiibbaa irraan gahaa turuu isaanii seenan raga baha. Afaan meeshaa aadaan ittiin gabbatufi dhalootaa dhalootatti ittiin darbu. Hawaasni afaan isaa dubbachuu, barreessuu, dubbisuu, qorachuu, walumaa galatti ittiin hojjachuu yoo hin dandeenye aadaallee hin qabu (Alamituufi Taarikuu, 2010:4).

Afaan Oromoo afaan sabaafi sablammii miliyoona 30 oliin dubbatamuudha. Kana malees Afrikaa keessatti Afaan Arabaafi Hawusaatti aanuun sadarkaa sadaffaa irratti kan dubbatamu yoo ta'u, kibba Afrikaa Sahaaratti ammoo Afaan bal'inaan sadarkaa lammaffaa irratti dubbatamuudha. Itoophiyaa keessatti baay'ina hawaasa Afaanicha dubbatuun jalqaba irratti argamu (Alamituufi Taarikuu, 2010:4).

Afaan tokko afaan sabaafi sablammii hedduun dubbatamu akkasumas, afaan biyyoota garaagaraa keessatti dubbatamu ta'ee afaan barumsaa, afaan hojii, afaan siyaasaa, afaan barreeffamaa, afaan saayinsiifi teeknoolojii akkasumas, afaan qorannoofi qo'annoo ta'uu hin dandeenye taanan qorannoo ogbarruu saba sanaatti danqa ta'a. Ogbarruun daawwitii jiruufi jireenya hawaasati.

Waan hawaasa keessaa afaaniifi barreeffamaan fuudhame ogummaan miidhagee hawaasaaf deebi'ee dhiyaannan kan hawaasichi keessatti of ilaaludha (Alamituufi Taarikuu.2010:5).

Ogbarruun Oromoo haala hin mijooftne keessatti kan qoratamuu jalqabe namoota biyya alaan jaarraa 14^{ffaa} irraa eegalee akka ta'e maddi tokko tokko ni ibsa. Haa ta'u malee jalqabbii qorannoo ogbarruu ilaalchisuun ragaan kallattiin barreeffamaan kan argamuu jalqabe jaarraa 19^{ffaa} keessa. Jarraa 19ffaa keessa lammiileen Oromoo osoo hin jaalatin dirqamanii gara biyya hambaatti gurgurtaan geffaman qorannoo ogbarruu oromoo keessatti shoorri isaan qaban guddaadha(Alamituufi Taarikuu,2010:5).

Afaan Oromoo sadarkaa har'a jiru gahee (afaan barumsaa, afaan hojiifi afaan barreeffamaa ta'ee) haala kanaan tajaajiluu danda'uu isaaf bu'uurri tattaaffii/ bu'aa bahii baroota hedduu keessa beektonni yookiin dhimmamtoonni afaanichaa taasisaa turaniidha. Haa ta'u malee dhiibbaafi ilaalcha afaanicharra turerraa kan ka'e Afaan Oromoo ogbarruu mataa isaa qabatee akkuma afaanota biroo daraan dagaaguuf carraa osoo hin argatin tureera. Ta'us haalliifi yeroon bakka hin mijannetti ogbarruun Oromoo baroota adda addaa keessa biyyoota adda addaatti lammiilee garaagaraan qoratamaa akka ture ta'uu isaa maddi garaagaraa nii agarsiisa (Alamituufi Taarikuu,2010:8).

Ogbarruun hojii kalaqa sammuu ilmaan namaa ta'ee kanneen akka: asoosamaa, ogwalaloofi diraamaa ofitti hammata. Yaada kana cimsuuf kan gargaaru Dastaa(2011:10) akka jedhutti ogbarruun hojiilee kalaqaa kanneen akka asoosamaa,ogwalaloofi diraamaa ofitti dabalata. Asoosamni gama isaatiin gooree akka asoosama xiillaa yookiin dheeraa(novel),asoosama kurfaa yookiin giddu galeessa(novella) fi asoosama ariitii yookiin gabaabaa (short story) jedhamee bakka garaagaraatti hiramuu danda'a.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Ogbarruun gosa lamatu jira. Kana jechuun gama biraatiin ogbarruun iddoo gurguddaa lamatti qoodama jechuudha. Isaaniis 'Ogbarruu Afoolaa' fi 'Ogbarruu Barreeffamaa' jedhama. Toorri xiyyeeffannoo qorannoo kootitis ogbarruu barreeffamaa irrattiidha.

Qorannoon kun gahee ogbarruun Afaan Oromoo barsiisuu irratti qabu xiyyeeffata. Ogbarruun Oromoo beektota garagaraatiin qoratamaa turee jira. Qorattoonni kun yommuu qorannoo isaanii kana gaggeessanitti dhimmoota adda addaa irratti xiyyeeffatu. Irra caalaan isaanii sakatta'anii

qindeessuu irratti xiyyeeffatu. Dhimma ogbarruu kan irratti gadi fageenyaan qorannoo gaggeessuun waa'ee ogbarruu qofa osoo hin taane, gahee inni Afaan Oromoo barsiisuu irratti qabu beekuuf nama gargaara. Kanaaf, ogbarruu Afaan Oromoo keessatti fayyadamanii barsiisuun barattoonni dandeettii dubbisuu, barreessuufi kalaquu daraan akka cimsatan taasisa.

Mata duree kana irratti qorannoo akkan adeemsisu kan na kakaase barnoota Afaan Oromoo baruu-barsiisuu keessatti gahee ogbarruun qabu daraan yookiin baay'ee olaanaa waan ta'eef, haalli qophii kitaaba barataa/ttuu Afaan Oromoo kutaa 5ffaa-8ffaa ogbarruun sirnaan deeggaramee kan hin qophoofne waan ta'eefi ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun barattoonni dandeettii afaanii afran(4n) sirnaan akka isaan cimsatan waan taasisuufi. Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun barnooticha qabatamaa waan taasisuuf, guddina yookiin dagaagina ogbarruu Oromootif shoora olaanaa waan qabuufi. (Kana jechuunis, Afaan Oromoo baruu-barsiisuu keessatti ogbarruun gahee guddaa qaba jechuudha).

Qorannoo kana keessatti qorataan qaawwa adda addaa duuchuuf qorannoo kana gaggeessee jira. Isaaniis akkaataa itti aanu kanaan ibsamani jiru. Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuu irratti laafinni jiraachuu, haalli qophii kitaaba Afaan Oromoo kutaa 5ffaa- 8ffaa ogbarruun sirnaan kan hin deeggaramne ta'uufi gahee ogbarruun Afaan Oromoo barsiisuu irratti qabu hubannoon barsiisotaafi barattoota bira jiru laafaa ta'uudha.

Qorannoon kun qorannoo jiru irratti gahee ogbarruun Afaan Oromoo barsiisuu irratti qabu kan dabaluudha. Keessattuu dandeettiwwan afaanii afran (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) gonfachiisuu irratti.

Kanaaf, qorataan gahee ogbarruun Afaan Oromoo barsiisuu irratti qabu maal maal akka ta'e adda baasee ibsuuf qorannoo kana gaggeesse. Itti dabalees ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun baay'ee kan ta'ee miti. Kanaaf, ogbarruutti fayyadamuun Afaan Oromoo barsiisamuu qaba yaada jedhu qabachuun qorannoo kana gaggeesse. Haaluma kanaan qorannoon kun gaaffilee armaan gadii bu'uura taasifatee gaggeeffame.

- Itti fayyadamni ogbarruu barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 keessatti maal fakkaata ?
- Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun bu'aan isaa maali ?
- Kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 5-8 keessatti ogbarruuwwan jiran maal fa'i ?
- Walitti hidhannaan ogbarruufi Afaan Oromoo maali ?

1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoowwan qorannoo kanaas bakka lamatti qoodamu. Isaanis: kaayyoo gooroofi kaayyoowwan gooreedha.

1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa gahee ogbarruun Afaan Oromoo barsiisuu irratti qabu xiinxaluudha.

1.3.2 Kaayyoowwan Gooree

Kaayyoowwan gooree qorannichaa ammoo akka armaan gadiitti ta'a.

- Kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 5-8 keessa ogbarruwwan jiran adda baasuun tarreessuu.
- Barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 keessatti itti fayyadamni ogbarruu maal akka ta'e ibsuu.
- Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun bu'aa inni qabu addeessuu.
- Barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 keessatti ogbarruwwan faayidaa guddaa kennuu danda'an tarreessuu.

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannichaa inni guddaan gahee ogbarruun Afaan Oromoo barsiisuu irratti qabu bal'inaan ibsuun faayidaa isaa agarsiisudha.

Hojiin qorannoo kanaa erga xumuramee booda bu'aalee hedduu kennuu akka danda'u ni amanama. Qorannoon kun barreessitootaafi qorattoota ogbarruu Oromootif ka'umsa qorannoo ta'uufii danda'a. Barsiisotaafi ogeeyyii barnootatiif hubannoo kennuufii danda'a. Dargaggoota yeroo ammaa kana ogbarruu barreessaa jiran baay'een isaanii muuxannoo waan hin qabneef qorannoon kun gargaaruu danda'a. Namoota mata duree kana irratti qorannoo gaggeessaniif qorannoon kun akka wabiitti tajaajiluu ni danda'a. Kana malees, qorannoon kun barreessitoota Afaan Oromootif odeeffannoo kennuu danda'a. Akkasumas, qopheessitoota kitaaba barataa/ttuu Afaan Oromoo kutaa 5-8 tif agarsiistuu ta'uufii danda'a.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoo tokko daangaa yeroo kenname keessatti xumuranii bu'aa isaa dhiyeessufis ta'ee, humnaafi baasii gahaa waan barbaaduuf daangaa qorannichaa murteessun barbaachisaadha. Waan kana ta'eef, mata duree “Xiinxala Gahee Ogbarruun Afaan Oromoo Barsiisurratti Qabu: Xiyyeeffannaa Kutaa 5-8 ” jedhu keessatti daanga'ee qorataan qorannoo kana adeemsise.

Qorannoo kana osoo kutaa 5^{ffaa} - 12^{ffaa} irrattis xiyyeeffachuun gaggeeffamee bu'aa argamu mul'isanii baay'ee gaarii ture. Garuu kana gochuun immoo humna namaa, yeroofi baasii guddaa waan barbaaduuf ulfaatadha. Kanaaf, qorannichi kutaa 5-8 irratti daanga'ee adeemsifamee jira.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon hojii adeemsa dheeraa, bu'aa ba'ii hedduu, qophii guddaa, odeeffannoo, muuxannoo gahaafi obsa cimaa kan barbaadudha.

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu wantoonni hedduun qorataa muudachuu danda'u. Akkuma kana qorataa kanas rakkooleen muudatan keessaa:

1. Laaptooppii yookiin kompiyuutara dhabuu.
2. Qoratiichi dhuunfaan waan baratuuf rakkoon baajataa muudatee jira.
3. Hojii idilee isaa waliin waan wal faana gaggeesseef yeroo gahaa dhimma kana gadi fageenyaan qorachuuf dhabuu isaa.
4. Dabalataanis dhibeen COVID-19 gara biyyaa galuu irraan kan ka'e akka gufuu tokkootti qoratiicha muudatee jira.

Haa ta'u malee hanqinaalee olitti tarreeffaman kanneen qorataan bifa isaa danda'ameen keessaa bahuun qorannoo kana gaggeessee jira.

1.7 Qindaa'ina Qorannichaa

Qorannoon tokko kaayyoo isaa galmaan gahuuf qindaa'aa ta'uu akka qabu hayyoonni garagaraa ni dubbatu. Kunis, amala qorannoon gaarii tokko qabu keessaa haalan qindaa'aa ta'uu, tartiiba qabaachuu, jecha ifa ta'een barreeffamuu, yaadan walqabataa ta'uu akka qabu beektonni barreeffamaan lafa kaa'anii jiru. Zoltan.(2002:11) yaada kana yommuu ibsu “Good research is

systematic :It means that research is structured with specified steps to be taken in a specified sequence in accordance with well defined set of rules” jedha.

Qorataan mata duree “Xiinxala Gahee Ogbarruun Afaan Oromoo Barsiisuu Irratti Qabu: Xiyyeeffannaa Kutaa 5-8 ” jedhu boqonnaalee shanitti qooduun dhiyeesse. Isaanis : boqonnaa tokkoffaa keessatti seenduubee qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaa duraa duubaan dhiyaatee jira.

Boqonnaa lammaffaa keessatti immoo sakatta’a barruu dhimma mata duree qorannoo kana ilaallatu, yaadrimee mata durichaafi qorannaalee qorannichaan walitti dhiyaatan kan kanaan dura dalagaman yookiin hojjetaman of keessaa qaba. Boqonnaa sadaffaa keessatti mala akkamtaatti fayyadamee odeeffannoon bifa garagaraatiin funaannamee jechaan ibsamee kan jiruudha. Boqonnaan afraffaan bakka itti ragaaleen bifa garagaraan funaannaman qaaceffameefi itti hiikkameedha. Boqonnaa shanaffaa keessatti cuunfaa (guduunfaa), argannoofi yaada furmaataa (yaboo) wal duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

2.1 Yaad-rimee Ogbarruu

Namoonni hedduun ogbarruuf hiika kennuuf yaalanillee hiikni nama hundaan fudhatama argate hin jiru. Haaluma kanaan namoonni adda addaa yeroo garaagaraatti kallattii adda addaatiin ogbarruuf hiika kennuuf yaalanii jiru. F. Jones (1991:1) akka ibsutti “Literature is kind of mirror that enable us to see ourselves better and to understand what we see. It helps us to think about our selves and understand our own lives” jedha. Kana jechuun ogbarruun daawwitii jireenya keenya ittiin of ilaalluufi kanneen biroos keessatti ilaalludha.

Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun gahee guddaa qaba. Barnooticha haalan qabatamaa taasisa. Barattoonni fedhii guutudhaan akka hirmaataniifi bashannanaa (gammadaa) akka baratan taasisa. Kana malees, akka dubbisaniif, akka barreessaniifi akka kaka’umsa argataniif gahee guddaa qaba.

2.2 Maalummaa Ogbarruu

Ogbarruun hojii kalaqa ilma namaa ta’ee haala barreeffamaatiin kan dhiyaatudha. Ogbarruun afoolas ta’ee, barreeffamaa amaloota nama bashannansiisuu, barsiisuu, kakaasuu, kofalchiisuu, gaddisiisuu, gammachiisuufi kan kana fakkaatan of keessaa kan qabuudha. Maalummaa ogbarruu hima tokkoon kaa’uun hin danda’amu. Kana jechuun ogbarruuf hiika tokko kennuun hin danda’amu jechuudha. Ogbarruun hiika tokko kan hayyoonni irratti walii galan hin qabu.

Ogbarruudhaaf hiikawwan adda addaa kennameef isaan itti aanan kanneeni. Isaanis :

- “Ogbarruun dabarsoo aadaa ummataati”
- “Ogbarruun muuxannoo jireenya keenya keessatti keessa dabarru”
- “Ogbarruun ogummaa muuxannoo keenya miidhaksinee uumnee ittiin ibsannuudha”

Walumaa galatti ogbarruun hojii kalaqa jiruufi jireenya ilma namaa calaqqisiisan miidhaksee kan dhiyeessudha. Wasanee. (2010)

2.2.1 Ogbarruu Akka Waan Barreeffama Maraatti

Wasanee.(2010:176) akka ibsutti namoonni ogbarruu wanta barreeffame mara dabalata jedhanii jiru. Akka ilaalcha kana hordofanitti wanti tokko ogbarruudha jedhamuuf barreeffamee argamuu qaba.

2.2.2 Ogbarruu Akka Barreeffama Muraasatti

Wasanee.(2010:177-178) akka ibsutti namoonni ogbarruu akka waan barreeffame maraatti osoo hin ta'in akka barreeffama muraasatti kaa'an nii jiru. Akka ilaalcha kanaatti barreeffamni tokko ogbarruudha jedhamuuf ulaagaalee adda addaa guutuu qaba. Innis: hojii kalaqa sammuu ta'uufi jechoota ogbarruutiin dhiyaachuu qaba.

2.3 Gosoota Ogbarruu

Ogbarruun iddoo gurguddaa sadiitti qoodama. Isaanis: asoosama, walaloofi diraamadha.

2.3.1 Asoosama

Asoosamni gosa ogbarruu keessaa isa tokko ta'ee kalaqa sammuu ilma namaati.

2.3.1.1 Maalummaa Asoosamaa

Maalummaa asoosamaa ilaalchisee hanga har'aatti hiikni hayyoota hunda walii galchu hin argamne.Kana jechuun maalummaa asoosamaa ilaalchisee yaadni hayyoota ogbarruu walii galche hin jiru.Kanaaf, asoosamni hiikkaa adda addaa qabaata jechuudha. Kana sababeeffachuudhaan hiikkaan asoosamaa kana yookiin sana qofa jennee murteessuu hin dandeenyu.

Fakkeenyaaf, hiika hayyoonni muraasni asoosamaaf kennan yoo ilaalle: asoosamni suuraa jireenyati (persi Lubok), amalli asoosamaa inni bu'uraa suuraan jireenyaa inni mul'isu qabatamaa ta'uudha(J.Waren Betch), asoosamni fakkii lubbu qabeessa yaanni sammuu barreessaa keessaa madde yookiin gochaaleen dhuguma raawwataman barreessadhaaniis uummamanii muudannoofi gochaalee adda addaa seenessuuf kan gargaarudha(Devid Deches).

Haa ta'u malee hiikkaa hayyoonni adda addaa kennan irraa kaanee asoosamni hojii seenessoo ta'uu, sammuu barreessatiin kalaqamuu, amalaafi gochaalee dhalli namaa raawwatu bu'uura

godhachuun kan qophaa'udha jechuu dandeenya. Kana jechuunis, asoosamni dhugaa addunyaa kanarra jiru irraa ka'uun arga-yaada barreessatiin seenaa uummamee barreeffamuudha. Barreessaan asoosamaa calaqqee jiruufi jireenya kanneen akka jaalachuufi jibbuu, gammaduufi gadduu, badhaadhuufi deeguu, beekuufi wallaaluu k,k,f jechoota filatamootti gargaaramuun haala qalbii nama hawwachuufi miira sissi'eessuu danda'uun dhiyeessa.

Seenaa kalaquu keessattis namfakkiiwwan seenicha raawwataniifi yoomessa seenichi keessatti raawwatamu uuma.Namfakkiiwwan kanneenis waliin dubbachiisa. Gochawwan namni raawwachuu danda'u maras nii raawwachiisa. Afaan yookiin jechoota jireenyafi dhugaa addunyaa ibsuuf ga'umsa qabanitti akka gargaaramanii waliin dubbatan taasisa.Kunis, jiruufi jireenya keessatti namoonni akkamitti akka fedhii, miira, ilaalchaafi yaada isaanii miidhaksanii ibsatan agarsiisa.Kanaaf, namoonni qalbiin isaanii rarra'ee, miirri isaanii gammadee asoosama dubbisu.

Kuni immoo, asoosamni itti fayyadama afaanii kan gabbisuufi guddina afaanii keessatti shoora olaanaa kan qabu ta'uu isaa hubachiisa.

2.3.1.2 Gosoota Asoosamaa

Asoosamni bal'ina qabiyyee, yeroo fudhatu, baay'ina qooddattootaafi ergaa isaatiin asoosama gabaabaafi dheeraa jedhamuun bakka lamatti qoodamuu danda'u. Gosootni asoosamaa kun lamaanuu wal fakkeenyaafi garaagarummaa mataa isaanii qabu.(Abdulqaadiriifi Dajanee2012:49)

2.3.1.2.1 Asoosama Dheeraa (Novel)

Asoosamni dheeraan sammuu dhala namaatiin kan uummamu, jechoota filatamoon kan ibsamu, miidhagina kan qabu, haqniifi jireenyi dhugaan kan ittiin ibsamuufi miira namaa kan ofitti hawwatuudha.

Asoosamni dheeraan seenaa namootaa dhalootaa kaasee hanga du'aatti jiru agarsiisuun dhiyeessuu ni danda'a. Asoosamni dheeraan wantoota ogbarruun tokko guutuu qabu guutee kan barreeffamuudha. Kanarraa kan ka'e qooddattoota hedduu, yaa'a yaadaa bal,aafi ergaa hawaasummaa, diinagdeefi siyaasa bal,aa of keessatti qabatee dhiyaata.

Walumaa galatti, asoosamni dheeraan hojii kalaqaa ta'ee jiruufi jireenya dhala namaa bal,inaan kan namatti agarsiisudha. Akkasumas, asoosamni dheeraan seeneffama dheeraa bifa hololootiin dhiyaatudha.

2.3.1.2.2 Asoosama Gabaabaa

Asoosamni gabaabaan bifa, qabiyyee fi amaloota ogbarruu biroo irraa kan adda isa taasisu qaba. Haaluma kanaan asoosamni gabaabaan ogummaan addaa kan keessatti calaqqisiisuufi akkuma bal'ina isaatti haala jireenya hawaasaa ibsuu kan danda'uudha. Asoosamni gabaabaan hanga daqiiqaa 30 yookiin sa'aatii tokkoo yookiin sa'aatii lamaa keessatti dubbifamee xummuramuu kan danda'uudha. Asoosamni gabaabaan ta'iinsa tokko qofa irratti xiyyeeffachuun dhiyaata. Kana jechuunis asoosamni gabaabaan yeroon keessatti dhiyaatu muraasa waan ta'eef dhimma ijoo tokko qofa irratti xiyyeeffata.

2.3.1.3 Wal fakkeenyaafi Garaagarummaa Asoosama Dheeraafi Asoosama Gabaabaa

Asoosamni dheeraafi asoosamni gabaabaan qabxiwwan hedduun wal fakkaatu. Akkuma wal fakkeenya qabanis garaagarummaas ni qabu. Wal fakkeenyaifi garaagarummaan isaan lamaanituu akka itti aanutti dhiyaatanii jiru.

Wal fakkeenya Isaanii:

Asoosamni gabaabaafi dheeranis suuraa jireenya dhala namaati. Lamaanuu haalli jireenya dhuunfaa yookoon hawaasaa keessatti ibsamuudha. Kunis amalaafi gochaalee namootaa addunyaa irra jiraatanii haqa fakkeessanii waan ibsaniif lamaanuu suuraa jireenyati jedhamu.

Asoosama dheeraas ta'ee asoosama gabaabaa barreessatu uuma. Lamaanuu arga yaadaa barreessatiin waan uumamaniif suuraa amala hawaasaafi haala jireenya hawaasaa waan ibsaniif wal fakkaatu. Kana malees, lamaanuu ruqoota asoosamaa(yaa'a yaadaa, qooddattoota, yoomessa, walitti bu'iinsa, ergaa, kallattii seenessoo, akbarruufi tooftaa akbarruu) of keessaa qabu.

Garaagarummaa Isaanii:

Asoosamni dheeraan fuula hedduu waan qabuuf barreessuufi dubbisuufis yeroo dheeraa fudhata. Asoosamni gabaabaan garuu gabaabaa ta'uu isaatiin barreessuufis ta'ee dubbisuuf yeroo gabaabaa fudhata. Haaluma kanaan asoosamni dheeraan dubbistoota muraasa yommuu qabaatu, asoosamni gabaabaan immoo dubbistoota danuu(hedduu) qabu. Asoosamni dheeraan yaa'a yaadaa, qooddattootaafi yoomessa hedduu qabaachuun jireenya nam-fakkiiwwanii jalqabaa hanga xummuraatti dhiyeessuu danda'a. Asoosamni gabaabaan garuu yeroo hedduu yaa'a yaadaa, qooddattootaafi yoomessa tokko qofa waan qabuuf haala jireenyaa bal'inaan hin ibsu.

2.3.2 Walaloo

Walaloon gosoota ogbarruu keessaa tokko kan ta'eefi haala nama hawwatuun kan qindaa'udha.

2.3.2.1 Maalummaa Walaloo

Walaloon kalaqa sammuu ilma namaa ta'ee, nama ogummaa qabuun qindaa'ee kan barreeffamuudha. Walaloon jechoota filatamoo iddoo filatamootti fayyadamuun akka gurra namaatti toluufi ergaa sirnaan dabarsuu danda'utti kan barreeffamuudha. Walaloon umurii dheeraa kan qabuudha. Maalummaa walaloo irratti hayyoonni hundi walii hin galle. Sababni isaatiis kallattiin ittiin ilaalan adda adda waan ta'eefi.

Walumaa galatti, walaloon karaa bareedaa yookiin hawwataa ta'een jechoota filatamoon qindaa'uun ergaa kan dabarsuudha.

2.3.2.1.1 Gosoota Walaloo

Walaloon akka walii galaatti bakka gurguddaa lamatti qoodama. Isaaniis: walaloo Abbeessaafi walaloo Ambeessaati.

Walaloo Abbeessaa: Walaloon kun walaloo jaalalaa, gootummaa, amantii, gaddaafi gammachuu of keessatti qabata.

Walaloo Ambeessaa: Walaloon kun bakka lamatti qoodama. Isaaniis: Walaloo seenessamaafi walaloo Diraamummaati. Walaloon seenessummaa seenaa namoota jajjaboo, goototaafi namoonni beekkamoon gocha gaarii hawaasa biraa qaban bifa walalootiin kan keessatti seeneffamaniidha. Walaloon diraamummaa bifa miira diraamaa qabuun dhiyaata.

2.3.2.1.2 Qeenxoowwan Walaloo

Walaloon qeenxoowwan adda addaa qaba. Isaan keessaa gurguddoofi bifoote ogbarruu biroo irraa kan adda isa godhan: mana rukutuu, walqixxummaafi yeedaloodha.

Mana rukutuu: Buufata walaloo tokko keessa kan jiran dhumni sagaleewwan isaa wal fakkaatadha.

Walqixxummaa: Dheerinni sararoota buufata isa tokko keessa jiran walqixxee yoo ta'eedha.

Yeedaloo: Miidhagina sagalee keenyaa kan yeroo walaloo dubbisnuuti.

Mana rukutuu, walqixxummaafi yeedaloon qeenxoowwan isaa keessaa kan adda isa godhu yoo ta'u, walaloon isaan malees qeenxoowwan biroos nii qaba. Isaaniis: Dubbii qoolaa fayyadamuu, jechoota filatamoo fayyadamuu, sammuu keessatti waa nama uumuufi sagalee walaleessati.

2.3.3 Diraamaa

Diraamaan gosoota ogbarruu keessaa tokko ta'ee kalaqa sammuu ilma namaati.

2.3.3.1 Maalummaa Diraamaa

Jechi diraamaa jedhu maddi isaa afaan Giriik 'diran' jedhu irraa kan dhufe yoo ta'u, hiikni isaatiis dalaguu yookiin hurruubuu jechuudha. Diraamaan calaqqee jiruufi jireenya ilma namaati. Innis muuxannoo namootaa irratti hundaa'udhaan gaddaafi gammachuu, bu'aa ba'ii jiruuf jireenya namootaa bifa miidhagina qabuun ogeessan qindaa'ee waltajjii irratti kallattiin jamaaf hurruubutiin kan agarsiifamuudha.

Diraamaan kun immoo dura barreeffamaan kan dhiyaatu (qophaa'u) yoo ta'u, barreeffama kanatu waltajjii irratti taatotaan dubbiifi gochaan dhiyaata. Diraamaan gochawwan jiruuf jireenya keessatti nama muudatan yookiin muudachuu danda'an irratti xiyyeeffatee dhiyaata. Walumaa galatti, diraaman hojii kalaqa sammuu dhala namaa yoo ta'u, gochaa gaarii yookiin yaraa hawaasa keessatti mul'atu tokko taatotaan qindeeffamee waltajjii irratti kan agarsiifamuudha.

2.3.3.2 Faayidaa Diraamaa

Diraamaan afaan barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Innis: dandeettiwwan afaanii afran gonfachiisuu keessatti shoora olaanaa qaba. Diraamaawwan baay'ee gaggabaaboo ta'an

barreessuun yookiin kan barreeffamee jiruun Afaan Oromoo ittiin barsiisuun dandeettii afaanii afran gonfachiisa. Kana jechuunis : dhaggeeffachu, dubbachuu, dubbisuufi barreessudha. Kanaaf, waan dubbifamuuf sirnaan akka dhaggeeffataniifi yaada akka itti kennan akkasumas si'aayinaan akka dubbisaniifi diraamaa barreessuu akka isaan shaakalan taasisa. Kun ammoo barattoonni dandeettiwwan afaanii afran akka isaan gonfatan taasisa.

Faayidaa diraamaa keessaa inni tokko barsiisudha. Diraamaan gochaawwan jiruufi jireenya keessatti nama muudatan yookiin muudachuu danda'an irratti xiyyeeffatee dhiyaata. Kanaaniis, gochaawwan gaggaarii hawaasa keessatti babal'isa. Gochaawwan kanneeniis jaalala, tokkummaa, amanummaafi kan kana fakkaatan akka babal'atan taasisa; karaa agarsiisa; nii gorsas. Kana malees, hawaasni gocha hamaa akka balaaleffatu hubachiisa. Fakkeenyaaf jibbi,hanni, dharri, hamiifi goomiin akka hin jiraanne barsiisa. Haala kanaan amala gaarii cimsuun amala yaraa immoo balaaleffata.

Faayidaa diraamaa keessaa inni biraan bashannansiisudha. Diraamaan gochaawwan hawaasa keessatti mul'atanitti lubbuu horuun mimmi'eessee dhiyeessa. Mimmi'eessuu kanaafis kanneen gumaachan jechoota filatamoo, amalaafi gocha taatootaa, hawwataa ta'uu qabiyyee diraamichaafi kallattiidhaan waltajjii irratti dhiyaachuu isaati. Kana malees, dhimmoota miira namaa bu,ureeffachuun taphatamuun isaa nama bashannansiisa.

Gama biraatiin diraamaan ibsa kennuuf nii fayyada. Ibsi kunis haala jiruufi jireenyi hawaasaa irratti argamu, naannoofi falaasama isaa bu'ureeffata. Haala kanaan ka'umsa gochaawwaniifi wantootaa akkasumas barbaachisummaa eenyummaafi aadaa hawaasichaas nii ibsa. Ibsa kana hordofuunis miseensonni hawaasaa akka waliin jiraatan taasisa.

Walumaa galatti, diraamaan wantoota jiruufi jireenya keessatti nama muudatan keessaa isa murteessaa filee waltajjii irratti dhiyeessa. Kanaanis hawaasa bashannansiisaa barsiisa. Kunis hawaasni gocha miidhaa qabu irraa akka fagaatufii gochaa gaarii immoo cimsee akka itti fufu taasisa. Kana malees, kallattii namatti agarsiisa. Kanaafuu, diraamaan hawaasa bashannansiisuu, barsiisuu, ibsuufi too'achuu irratti gahee guddaa qaba.

2.3.3.3 Akaakuwwan Diraamaa

Diraamaan hojiiwwan kalaqaa keessaa isa tokkoodha. Innis akaakuu gara garaa qaba. Isaan keessaa akka bu'uraatti kan ilaalaman diraamaa gammachiisaafi diraamaa gaddisiisadha. Akaakuwwan diraamaa warri bu'uuraa lachan kun walitti makamanii diraamaa tokko keessatti dhiyaachuus nidanda'u. Bu'uurri qooddiwwan kanneeniis dhiibbaa isaan daawwattoota irraan gahan irratti hundaa'eti. Kana jechuun, daawwattoonni diraamaa tokko ilaalan gammaduu yookiin gadduu waan danda'aniifi.

Diraamaa Gammachiisaa: Diraamaa gammachiisaan daawwattoota kan hin dhiphifne, haala abdi qabuun seeqachaa yookiin kolfaan gaggabsaa ergaa ijoo akka hubatan kan taasisuudha. Akka diraamaa gaddisiisaa lubbuu dhiphisee, miira sodaatiin hunkuree, balaa irra hin buusu. Dhimmoota yaachisoo furmaanni isaanii dhiyootti hin beekamne irratti waan xiyyeeffatuuf, dhiphuufi gidiraa hin qabu. Taatannis haala cimaafi wal xaxaa ta'e keessa galanii gidiraa hin argan. Xiyyeeffannoo guddaan diraamaa gammachiisaa aadaa, duudhaafi barsiifata akkasumas seenawwan hawaasaa yeroofi iddoo murtaa'e tokko irratti seenessaa, bashannansiisaafi qalbii rarraasaa barsiisudha. Isaan kunniin immoo yeroo baay'ee dhaabbatoo kan hin taaneefi yeroo murtaa'eef tajaajilanii guddina hawaasichaa hordofanii kanneen jijjiiramaniifi bakka bu'aniidha.

Diraamaa Gaddisiisaa: Diraamaan gaddisiisaan immoo umurii dheeraa qaba. Umurii isaa kana keessatti ilaalchi gara garaa keessatti calaqqisiisee jira. Yaanni garaa garaas irratti kennamee jira. Akkasumas, hiikni garaa garaa kennameefii jira. Diraamaan kun akaakuu diraamaa muudannoo jiruufi jireenya hawaasaa keessatti yeroodhaa gara yerootti mul'atan kuusee kan dhiyeessudha. Muudannoowwan kuufamanii dhiyaatanis rakkoolee bu'uuraa isaan ta'an irratti xiyyeeffatu. Diraamaan gaddisiisaan daawwattoota kan dhiphisu, abdi kan kutachiisuufi kan boosisuu danda'uudha. Kana malees, miira sodaatiin unkuree balaa irraan gahuu danda'a. Xiyyeeffatamaniis hawaasa keessatti yaadessaa kanneen ta'aniifi fulla'iinsa qaban ta'u. kana malees, dhimmoota hunda hammatoo ta'anii miira yaaddoo, sodaa, naasuufi jeequmsa taatotaa sana irratti uuman bu'ureeffata. Kanaanis daawwattoonni haallan taatota irratti mul'atan irraan kan ka'e akka dhiphataniifi yaadda'an taasisa.

Diraamaa gaddisiisaa keessatti wal diddaan ni uumama. Wal diddaan uumamus taatotaafi waan humna isaanitii olii tokko gidduuttidha. Carraaqqiin taatotaa akaakuu diraamaa gaddisiisaa kanaa

wal diddaa uumame tokko keessatti irra aanuuf taasisan miira yaaddoo uuma. Taatonni diraamaa gaddisiisas kaayyoo dhaabbataa kanneen qaban, hanga xummuraatti kaayyicha galmaan gahuuf kanneen carraaqaniidha. Yeroo kanas jechootaafi gaalewwan miirota sanneen ibsuuf haalan filatanitti dhimma bahama. Jechoonniifi gaalewwan kunneen immoo tooftaa adda addaatiin miira hoo'aa uumuufi ibsuun daawwattoota gaddisiisa.

Diraamaa Gammachiisaa-Gaddisiisaa: Akaakuun diraamaa inni biraan immoo diraamaa gammachiisaa-gaddisiisadha. Akaakuun diraamaa kanaa immoo amaloota diraamaa gammachiisaafi diraamaa gaddisiisaa walitti makuun kan uumamuudha. Diraamaa al tokkotti akkuma kanneen biroo taatonni wal diddaa guddaa keessa seenan qabu. Taatonni sun si'a tokko ni gaddu; si'a biraa immoo ni gammadu; al tokko ni boo'u; al biraa immoo ni kolfu. Haala kanaan miira gaddaafi gammachuu wal makaa agarsiisu. Daawwattoonni diraamaa akkasiis haala burjaajessaa keessa galu. Kana irraa ka'uun, gariin daawwattootaa dhuma irratti nii gammadu; gariin immoo nii gaddu. Amala isaa kanaanis diraamichi dhumni isaa gammachiisaa yookiin gaddisiisaa ta'a.

Walumaa galatti diraamaan gaddisiisaafi gammachiisaa jedhamee akaakuu bu'uura lamatti yoo qoodamu, diraamaa gaddisiisaan jalqabaa hanga dhumaatti dhiphuufi gidiraa yoo mul'isu, diraamaa gammachiisaan immoo haala gammachiisaafi abdiidhan kan nama bashannansiisaa, barsiisaa jalqabaa hanga dhumaatti raawwatamuudha. Yeroo tokko tokko immoo akaakuun lachan walitti makamanii dhumni yookiin jalqabni isaanii gammachiisaa yookiin immoo gaddisiisaa ta'u.

2.3.3.4 Caacculee Diraamaa

Diraamaan caacculee ittiin lubbuu horatu qaba. **Isaaniis:** jaargocha, taatota, walitti bu'iinsa, yoomessaafi waliin dubbii faadha.

Jaargocha: Jaargochi caacculee diraamaa keessaa waliin dubbiiifi gochaawwan taatotaan seenaa jalqabaa kaasee hanga xummuraatti demu ilaallata. Diraamaa keessattis akka hangafaafi lafee dugdaatti ilaallama. Diraamaan tokko hunda dura seenaa nutti hima; kanaaf, yeroo hedduu namoonni erga diraamaa ilaalani booda, seenaa gaddisiisaa yookiin gammachiisadha kan jedhan. Kanarraa kan ka'e jaargochi seenaa diraamaa tokko keessa jiru ta'e cancala gochootaa jalqabaa kaasee hanga xummuraatti jiruudha.

Taatota: Taatonni immoo barreessaa diraamatiin kan kalaqamaniifi diraamichi lubbuu horatee akka waltajjii irratti mul'atu kanneen taasisaniidha. Karaa biraatiin, namoota dhugaa addunyaa kanarra jiran bakka bu'anii seenaa ta'e tokko jechaafi gochaan kanneen agarsiisaniidha. Taatonni diraamaa keessatti amala ta'e goonfatani, maqaan kennameefi, bakki jireenyaa tolfameefii kan socho'ani; kan afuura baafatan, kan dubbatan, kan nyaataniifi kan du'an, kan jaalataniifi kan jibban, kan gaddaniifi kan gammadaniidha. Garuu yaad-sammuu barreessatiin kan kalaqamaniidha.

Walitti bu'iinsa: Walitti bu'iinsi caacculee diraamaa keessaa isa biroodha. Diraamaa keessatti walitti dhufeenya waliin dubbiitiin yookiin gochaan taatota gidduutti raawwatamu keessatti jechaan yookiin gochaan walitti bu'iinsi ni uumama. Diraamaan walitti bu'iinsa hin qabnes hin jiru. Walitti bu'iinsi uummamuudhaf immoo wanti taatota walitti buusuu danda'u sababni gahaafi amansiisaan jiraachuu qaba. Sababni walitti bu'iinsaa kun kan jireenya dhugaa keessatti nama wal dhabsiisuu danda'u ta'uu qaba jechuudha. Maalummaafi ejjannoo taatotaafi seenaan jiru kan hubatamus kana irratti hundaa'eti.

Yoomessa: Caacculee diraamaa keessaa inni biroon yoomessa yoo ta'u yeroofi bakka itii seenaan waltajjii irratti dhiyaatu sun raawwatame agarsiisa. Haalli waltajjii waan taatonni dubbatanii, uffataniifi hojjetan hunduu yoomessa diraamichaa sirriitti calaqqisiisuu qabu. Kana malees, yoomessi bakka itti seenichi raawwate fakkeenyaaf haalli teessuma lafichaa, qilleensi isaa, dandii, manniifi meeshaan isaafi kan kana fakkaatan hundi maal akka fakkaatu agarsiisuun irraa eeggama. Haaluma kanaan yoomessi diraamaa tokko keessatti yoomessa siyaasaa, hawaasummaafi aadatiin walitti qabee dhugaa jiru calaqqisiisa. Walumaa galatti, diraamaan caacculee jaargochaa, taatota, walitti bu'iinsa, yoomessaafi waliin dubbii jedhaman of keessaa qaba. Qindoomina caacculee kanneenitu guutuu ta'ee akka diraamaan waltajjii irratti dhiyaatu taasisa.

2.4 Qorannaalee Qorannichaan Walitti Dhiyaatan (Kan Kanaan Dura Hojjetaman)

Kutaa kana keessatti waraqaalee qorannoo kana waliin kan walitti dhufeenya qaban kan keessatti dhiyaatudha. Kanaaf, mata duree “Xiinxala Gahee Ogbarruun Afaan Oromoo Barsiisuu Irratti Qabu: Xiyyeeffannaa Kutaa 5-8 ” jedhu irratti qorannoon kallattiin gaggeeffame jiraachuu baatus qorannoowwan kanaan dura gaggeeffaman keessaa kanneen mata duree kanatti dhiyaatan bifa armaan gadiin ilaalee jira.

1. **Qana’aa Lammii, bara 2010** tti mata duree “Weedduu Seenatiin Afaan Oromoo Barsiisuu” kan jedhu, Yuunivarsiitii Finfinneetti waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf adeemsise sakatta’amee jira.

Qorannoon Qana’aa qindoomina ogummaatiin weedduu seenatiin Afaan Oromoo barsiisuu irratti xiyyeeffata. Kana jechuunis weedduu seenatti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun gahee guddaa akka qabu kan agarsiisudha. Kanaaf, mata dureen qorannoo Qana’aa mata duree qorannoo kootitiin walitti dhufeenya qaba.

2. **Asaggid Isheetuu, bara 2011** tti mata duree “Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa Keessatti Ogafaaniin Dandeettiwwan Afaanii Gurguddoo Afran Shaakalsiisuu” kan jedhu, Yuunivarsiitii Finfinneetti waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf adeemsise ilaalee jira.

Egaa akkan qorannoo kanarraa hubadhetti ogafaan hojii kalaqa sammuu ilma namaa ta’ee afaanifi gochaan dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan dhufeedha. Hojiin kalaqaa kunis kanneen akka: hiibboo, mammaaksa, oduu durii, geerarsa, weedduu, sirbootaafi kkf hammata.

Kanaaf, mata dureen qorannoo Asaggid Isheetuu kun mata duree qorannoo kootitiin walitti dhiyeenya guddaa qaba. Sababni isaatiis mata dureen qorannoo keenya lamaanituu Afaan Oromoo barsiisuu keessatti gahee ogbarruufi ogafaanii ilaallata waan ta’eefi.

3. **Magarsaa Daadhii, bara 2010** tti mata duree “Gahee Af-walaloo Oromoo Dubbii Qoolaa Barsiisuu Keessatti” kan jedhu, Yuunivarsiitii Finfinneetti waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf adeemsise sakatta’ee jira.

Qorannoo Magarsaa Daadhii kana irraa kan hubatamu dubbii qoolaa barsiisuu keessatti gaheen afwalaloo Oromoo guddaa ta’uu isaa agarsiisa. Inni kunis afwalaloo Oromoo adda addaa fayyadamuun dubbii qoolaa barsiisuun barnooticha qabatamaa kan taasisu ta’uu isaa kan agarsiisudha.

Kanaaf, mata dureen qorannoo kanaa mata duree qorannoo kootitiin walitti dhufeenya qaba. Sababni isaatis, Afaan barsiisuu keessatti gahee ogbarruufi afwalaloo ilaallata waan ta’eefi.

- 4. Ilfinash Qinaaxxii, bara 2012** tti mata duree “Faayidaa Ogbarruun Dandeettiwwan Afaanii Gurguddoo Barsiisuu Keessatti Qabu (Haala Kitaabilee Barnootaa Kutaa 9-12)” kan jedhu, Yuunivarsiitii Finfinneetti waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf adeemsiste ilaalee jira.

Qorannoon Ilfinash faayidaa ogbarruun dandeettiwwan afaanii gurguddoo barsiisuu keessatti qabu irratti xiyyeeffata. Kan jechuunis ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun gahee guddaa akka qabu kan agarsiisudha. Kanaaf, mata dureen qorannoo Ilfinash mata duree qorannoo kootitiin baay’isee walitti dhufeenya qaba.

- 5. Adaanach Asaffaa, bara 2012/2020** tti mata duree “Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 7ffaa fi 8ffaa Keessatti Afoolaan Gargaaramuun Dandeettiwwan Afaanii Barsiisuu” kan jedhu, Yuunivarsiitii Finfinneetti waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf adeemsiste sakatta’ee jira.

Egaa akkan qorannoo kana irraa hubadhetti afoolli hojii kalaqa sammuu ilma namaa ta’ee afaanifi gochaan dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan dhufeedha. Isaaniis kanneen akka: oduu durii, hiibboo, mammaaksa, geerarsa, sirba, dhiichisaafi kkf hammata.

Kanaaf, mata dureen qorannoo Adaanach Asaffaa kun mata duree qorannoo kootitiin walitti dhiyeenya guddaa qaba. Sababni isaatiis mata dureen qorannoo keenya lamaanituu Afaan Oromoo barsiisuu keessatti gahee ogbarruufi afoolaa ilaallata waan ta’eefi.

- 6. Daaluu Abbunii Nuuree, bara 2012** tti mata duree “ Xiinxala Afoolaa Dandeettiwwan Afaanii Afran Barsiisuu Keessatti: Haala Kitaabota Barataa Afaan Oromoo Kutaa 9 fi 10 Keessatti” kan jedhu, Yuunivarsiitii Finfinneetti waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf adeemsisame ilaalee jira.

Akkan qorannoo kana irraa hubadhetti afoolli kalaqa sammuu ilma namaa ta’ee afaanifi gochaan dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan dhufeedha. Isaaniis kanneen akka: mammaaksa, hiibboo, geerrarsa, sirboota, dhiichisaafi kkf hammata.

Eegaa mata dureen qorannoo Daaluu Abbunii Nuuree kun mata duree qorannoo kootitiin walitti dhiyeenya guddaa qaba. Sababni isaatiis mata dureen qorannoo keenya lamaanituu Afaan Oromoo barsiisuu keessatti gahee ogbarruufi afoolaa ilaallata waan ta'eefi.

- 7. Abdulqaadir Abdurrahmaan, bara 2008** tti mata duree “Qaaccessa Afoolaa Ogummaa Afaanii Gurguddoo Afran Barsiisuu Keessatti” kan jedhu, Yuunivarsiitii Finfinneetti waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf adeemsise sakatta'ee jira.

Akkan qorannoo kana irraa hubadhetti afoolli hojii kalaqa sammuu ilma namaa ta'ee afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan dhufeedha. Isaaniis kanneen akka: hiibboo, mammaaksa, oduu durii, dhiichisa, sirba, geerarsaafi kkf hammata.

Mata dureen qorannoo Abdulqaadir Abdurrahmaan kun mata duree qorannoo kootitiin walitti dhufeenya qaba. Sababni isaatiis mata dureen qorannoo keenya lamaanituu Afaan Oromoo barsiisuu keessatti gahee ogbarruufi afoolaa ilaallata waan ta'eefi.

- 8. Itichaa Alamuu, bara 2017** tti mata duree “ Xiinxala Gahee Dubbiin Qolaa Afaan Barsiisuu Keessatti Qabu: Xiyyeeffannoon Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa” kan jedhu, Yuunivarsiitii Finfinneetti waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf adeemsisame ilaalee jira.

Eegaa akkan qorannoo kana irraa hubadhetti dubbii qolaa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti shoorra olaanaa qabaachuu isaati. Mata dureen qorannoo Itichaa Alamuu kun mata duree qorannoo kootitiin walitti dhufeenya qaba. Sababni isaatiis mata dureen qorannoo keenya lamaanituu Afaan Oromoo barsiisuu keessatti gahee ogbarruufi dubbii qolaa ilaallata waan ta'eefi.

- 9. Sabboqsaa Tasfaayee, bara 2019** tti mata duree “ Qaaccessa Faayidaa Hiibboon Oromoo Guddina Ijoolletiif Qabu: Haala Qabatamaa Mana Barumsa Garbii Bultoo Sadarkaa 1ffaa Magaalaa Shinoo Kutaa 5-8” kan jedhu, Yuunivarsiitii Finfinneetti waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf adeemsise sakatta'ee jira.

Akkan qorannoo kana irraa hubadhetti hiibboon barnoota irratti yookiin keessatti ijoolleef faayidaa guddaa qabaachuu isaati. Mata dureen qorannoo Sabboqsaa Tasfaayee kun mata duree qorannoo kootitiin walitti dhufeenya qaba. Sababni isaatiis mata dureen qorannoo keenya lamaanituu Afaan Oromoo barsiisuu keessatti gahee ogbarruufi hiibboo ilaallata waan ta'eefi.

BOQONNAA SADI: SAXAXA MALA QORANNOO

3.1 Seensa

Qorannoon tokko kaayyoo hojjatamuufi mala ittiin hojjatamu irratti hundaa'ee amala adda isa taasisu qaba. Haaluma kanaan akkaataan ijaarsa qorannoo (Research Design) tiin addaan bahuu danda'a. Fakkeenyaaf, akkaataa ragaa itti funaanan, akkaataa itti hiikaniifi akkaataa itti qaaccessan ilaallata (Dastaa 2013:50).

3.2 Saxaxa Qorannoo

Qorannoo tokko adeemsisuu keessatti kallattii raawwii qorannichaa maal akka ta'e ibsuun barbaachisaadha. Dhimmoonni qorannicha keessatti akka bu'uuratti ilaallaman maalirratti akka xiyyeeffatamuu qaban addaan baasuun beekuun qorannicha haala barbaadameen raawwachuuf nama gargaara.

Saxaxa qorannoo ilaalchisee, Vector (2009:203) akkas jechuun ibsa "the research design is plan of action that allows the researcher to know/to paraphrase/ where they came from, where they are and where they are going" jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu, adeemsi saxaxa qorannoo karoora hojii kan qorataan beekuu qabu, kan eessaa akka inni ka'e, eessa irra akka jiruufi eessa akka inni gahu kan murteessudha.

Akksumas, Addunyaan (2011:64) irratti "Qorannoon tokko kan murteessu, gaaffiwwan qorannichi deebisuuf deemu, kaayyoo isaafi akaakuwwan odeeffannoo argannuuti" jechuun kaa'ee jira. Kanaaf, qorataan qorannoo kanaaf mala akkamtaa fayyadamee kan gaggeessedha. Tooftaalee odeeffannoo funaansaaf itti fayyadame: bargaaffii, daawwannaafi sakatta'a dokomantii yoo ta'an, odeeffannoo argaman akka barbaachisummaa isaanitti erga qoodamanii jechaan qaaccessu jira.

3.3 Mala Qorannoo

Malli qorannoo kanaa mata duree "Xiinxala Gahee Ogbarruun Afaan Oromoo Barsiisuu Irratti Qabu: Xiyyeeffannaa Kutaa 5-8" jedhu keessatti qorataan qorannoo kanaa kan gargaarame mala akkamtaati (Qualitative). Sababa mala kana filateefis akkamtaan mala qorannoo tokko gadi

fageenyan hubachuu irratti gahee guddaa kan taphatu waan ta'eefi. Kunis ibsa baldhaafi gadi fageenya agarsiisa.

3.4 Irraawwatama

Irraawwatama jechuun qaama yookiin wanta qorannoon tokko irratti gaggeeffamuudha. Aduunyaan (2011:64) “qorannoon tokko irraawwatama qaba. Kunis, namootaafi dhimmoota qorannoon sun irratti gaggeeffamu” jechuun yaada kana gabbisa. Qorannoon kunis Xiinxala Gahee Ogbarruun Afaan Oromoo Barsiisuu Irratti Qabu: Xiyyeeffannaa Kutaa 5-8 waan ta'eef irraawwatamni isaa gahee ogbarruun afaan barsiisuu irratti qabuudha.

3.5 Madda Odeeffannoo

Madda odeeffannoo jechuun burqaa deebii gaaffilee qorannoo tokkooti. Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa:qorataan haala qabatamaa jiru faana kitaabileefi barruulee adda addaa akka madda ragaa lammaffaatti fayyadamee jira. Sababni isaas,yaadota namoonnii fuulaafi fuulatti kennuu hin dandeenye argachuuf fala waan ta'eef qorataan dhimma itti bahee jira. Dabalataanis barsiisota kutaa 5-8 Afaan Oromoo barsiisan akka madda ragaa tokkoffaatti itti fayyadamee jira.

3.6 Mala Iddatteessuu

Malli iddatteessuu adeemsa fudhannaa iddattoo jamaa walii gala keessaa fudhachuun qorannoo adeemsisuudha. Kana ilaalchisee Berg(2011:11) yommuu ibsu qorataan tooftaa kamiiniyyuu fayyadamee iddattoo filachuun waan hin oolleefi kanneen dhimmichi ilaallatu hunda irraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan ta'eef iddattoo filachuun barbaachisaa akka ta'e ibsa.

Dabalataanis, iddattoo filachuun kan inni barbaachiseef yoo iddattoon eeggannoodhan filame ragaan iddattoo sana irraa argamu akka gaaritti bakka bu'uu waan danda'uuf, jamaa hunda irraa raga sassaabuun yeroo, maallaqa, humnaafi qabeenya qisaasessuu waan ta'eefidha. Kanaafuu, iddatteessuun tooftaa garaagaraa yoo qabaate iyyuu qorannoo kanaaf qorataan iddatteessuu mala miti carraa filatee jira.Sababni isaas, qorataan barsiisota kutaa 5-8 Afaan Oromoo barsiisan mata duree qorannoo kanaa irratti odeeffannoo gahaa naaf kennuu danda'an jedhee yaadu qofatti dhimma bahee jira.

3.7 Mala Odeeffannoon Ittiin Funaannama

Odeeffannoon mala adda addaatiin funaannama. Odeeffannoon kan argamu kaayyoofti gosti qorannoo keenyaa murteessadha. Dastaa (2011:107) yemmuu ibsu “odeeffannoo kan argannu kaayyoofti gosa qorannoo keenyaa irratti hundoofnee: namarraa, ilbiisotarraa, waan barreeffame irraa, meeshaalee hawaasni itti gargaaramu irraa, afoola irraa...ta’uu danda’a” jedha. Milkaa’ina qorannoo tokkoof qorataan mala odeeffannoo ittiin funaannamu addaan baasee beekuun barbaachisaadha. Milkaa’ina qorannoo kanaatiif qorataan tooftaalee kanaa gadii fayyadamuun odeeffannoo qorannichaaf ta’u malaan funaanees jira.

3.7.1 Bar-gaaffii

Bar-gaaffiin barsiisota Afaan Oromoo kutaa 5-8 barsiisaniif dhiyaatee jira.

Baay’ina Barsiisotaa Bar-gaaffiin dhiyaateef		
Dhiira	Dubra	Ida’ama.
5	7	12

Argannoon bar-gaaffii kana irraa argames ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun bu’aa guddaa akka qabuudha. Kana jechuuniis dandeettiwwan afaanii afran gonfachiisuu irratti jechuudha.

Bar-gaaffiin malleen odeeffannoon ittiin funaannamu keessaa isa tokkoofi kan qorattoota baay’edhaan filatamu ta’ee argama. Kunis sababa mataa isaa qaba. Isa kana Dastaa(2013:123-124) yommuu ibsu, bar-gaaffiin humna qusata;eenyummaa odeeffannoo kennitootaa waan hin ibsineef odeeffannoo sirrii argachuuf mala gaariidha. Odeeffannoo kennitoota hundaafuu gaaffii wal fakkaatu dhiyeessa. Of eeggannoodhan qophaa’a. Kanaaf, qorataan malli odeeffannoo ittiin funaannate keessaa inni tokko bar-gaaffiidha. Odeeffannoon bar-gaaffii kanarraa argames boqonnaa afur jalatti xiinxalamees jira.

3.7.2 Daawwannaa

Daawwannaan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaannamu keessaa isa tokko. Dastaa(2013:118) yommuu ibsu, qorataan iddoo qorannicha itti gaaggesu sanatti yeroo yeroodhaan argamees qaama qorannicha irratti gaggeessu sana hordofa. Warri qorannoon irratti gaggeeffamu sunniin kaayyoo qoratichaa beekanis beeku baatanis qoratichi waan isaan dalagan,

akkatti isaan dalagan, haasawa isaanii, barattoota yoo ta'an sochii isaan barnoota irratti taasisan, kan jeeqanis yoo ta'e sirriitti ilaalufi dhaggeeffachuudhan galmeeffata.

Qorannoon kun mata duree "Xiinxala Gahee Ogbarruun Afaan Oromoo Barsiisuu Irratti Qabu: Xiyyeeffannaa Kutaa 5-8" kan jedhu yommuu ta'u, dhimma mata duree kanaaf odeeffannoo daawwannaan funaanuun gaarii waan ta'eef, qoratichi manneen barnootaa filate deemee yommuu barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan daawwatee jira.

Haaluma kanaan qorataan: Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Libaanoos gaafa guyyaa 2/3/2012 (Kibxata) mana barumsa Xaree Qachaa, gaafa guyyaa 18/3/2012 (Kamisaa) mana barumsa Shararoo lakk.1 gaafa guyyaa 6/4/2012 (Wiixata) mana barumsa Muka Dheeraafi gaafa guyyaa 22/4/2012 (Roobii) mana barumsa sallee daawwachuun itti fayyadamni ogbarruu maal akka fakkaatu yaadannoo qabachuun kan funaannate boqonnaa afur keessatti xiinxalamee jira.

Argannoon daawwannaa kana irraa argames barsiisonni yommuu Afaan Oromoo barsiisan ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun kan hin jirre ta'uu isaati.

3.7.3 Sakatta'a Dokomantii (Ragaa)

Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootti nama fayyadan hedduutu jiru. Dastaa(2013:131) yommuu ibsu, kanneen akka kitaabotaa, xalayootaa, gaazexaa(galaalcha), nagahee, ajandaa, qaboo yaa'ii, barreeffama murtii, yaadannoofi kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'u jechuun ibsee jira. Kanaaf, qorataan kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 5-8 jiraniifi dabtara barattootaa kan Afaan Oromoo sakatta'ee raga irraa qabachuun boqonnaa afur keessatti xiinxalamee jira.

3.8 Mala Odeeffannoon Ittiin Ibsame

Malli odeeffannoon ittiin ibsame mala akkamtaati. Addunyaa(2011:10) akka ibsetti, akkamataan gaafiwwan "Maaliif ? Akkamitti ?" jedhaniif deebisuuf carraaqa. Dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan ibsa. Kanaaf, odeeffannoon argame lakkoofsaan osoo hin taane jechaan kan ibsameedha.

Haaluma kana irraa ka'uudhanaan ragaaleen qorannoo kana keessatti bar-gaaffii, daawwannaafi sakatta'a dokomantii (ragaa) mala qorannoo ibsaatti/addeessatti fayyadamuun ibsamee jira.

BOQONNAA AFUR: ODEEFFANNOO HIIKUUFU IBSUU

Afaan tokko dagaagsuuf, itti fayyadamtoota hedduu horachiisuuf akkasumas Afaan saayinsiifi teekinoolojii taasisuuf manneen barnootaa keessatti malleen adda addaatti fayyadamuudhaan karaa qabatamaa ta'een yoo barsiifameedha. Keessumattuu ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun gahee olaanaa qaba. Innis barattoonni dandeettii Afaanii afran: caqasuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu daraan akka cimsatan isaan taasisa. Inni kun immoo barattoonni kunniin gara fuula duraatti jaalattootaafi barreessitoota ogbarruu adda addaa akka ta'an isaan taasisa.

4.1 Xiinxala Gahee Ogbarruun Afaan Oromoo Barsiisuu Irratti Qabu

Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun gahee olaanaa qaba. Keessumattuu dandeettii afaanii afran wal qixa goonfachiisuuf shoorri inni qabu salphaa miti. Namni tokko dandeettii afaan tokkoo ni qaba / qabdi kan jennu yoo dandeettii afaanii afran (caqasuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) irratti cimina qabaatedha/qabaattedha.

4.1.1 Gahee Ogbarruun Dandeettii Dhaggeeffachuu Goonfachiisuu Irratti Qabu

Dhaggeeffachuun dandeettiwwan afaanii afran keessaa isa tokkodha. Innis kan ragaa yookiin odeeffannoo ittiin sassaabbachuuf nugargaarudha.

Dhaggeeffachuun adeemsa walxaxaa dubbiin afaanii yookiin wanti dubbatamu tokko sammuu dhaggeeffataa bira gahee hiika itti argatuudha.

Dandeettiin afaanii kan argamu shaakalaan yookiin barumsaan malee uumamaan waan hin taaneef, namni tokko afaan baruu yookiin barachuu kan danda'u sirna sagaleelee dubbiifi jechoota afaanichaa yoo dursee hawaasarraa dhaggeeffateedha. Kunis, dhaggeeffachuun seera afaanichaa dhaga'anii sammuutti qabachuu qofaaf osoo hintaane ittiin waliigaluuf mala isa ijoo ta'eedha. Namoota waliin dubbii adeemsisuuf, marii bal'aa taasisuuf, akkasumas odeeffannoo waljijjiiruuf waldhaggeeffachuun hinjiru yoo ta'e, waliigaluun hindanda'amu jechuudha. Kanaaf, dhaggeeffachuun mana barumsaa keessattis ta'ee mana barumsaatiin alatti dhimma baay'ee barbaachisaafi dandeettii murteessaa ta'eedha.

Dandeettiin dhaggeeffachuu waliigaltee afaan keessatti isa bu'uura. Dandeettiin kun ragaa sassaabbachuuf kan nu gargaaruudha. Kanaafuu, haala gaaritiin wanta dhaggeeffatame keessaa

odeeffannoo sirrii ta'e keessaa filatanii fayyadamuuf dandeettii kana guddisuun barbaachisaadha. Kaayyoo gurguddaa lamaaf dhaggeeffachuu dandeenya. Isaaniis: odeeffannoo argachuufi itti bashannanuuf.

Galmeen kuusaa jechootaa kambiirii(1995:829) dhaggeeffachuu(listening) jecha jedhu yommuu ibsu, dhaggeeffachuun ergaa nama biraa darbu yookiin maalummaa sagaleelee madda adda addaa keessa darban qalbiidhan dhagahuu kan jedhu yoo kennamuuf, dhagahuun(hearing) ammoo sagalee qilleensa irraa callisee gara gurra keenyatti galuudha.

Veenki Teensiwaarn(1985:78) jecha dhaggeeffachuu jedhu yommuu ibsu, dhaggeeffachuu jechi jedhu ergaa sagalee darbe keessa kan ergaa fuudhuuf himni tokko hima biraa waliin walitti hidheenya walii galtee keessatti qabu ibsan, ajajan yookiin gaaffiin dhiyaachuu isaa dubbataadhan: yaadan, miiraafi fedhii hubachuu dandeettii qalbeeffachuuti. Dhagahuun immoo fakkeenyaaf, namni tokko nama hin beekne waliin haasahuu yoo fedhe, walii galee akka jiraatuuf “Afaan Oromoo ni dhageessaa?” jedhee gaafachuu danda'a. Walumaa galatti jechi dhagahuu jedhu haala galma kanaatti ergaa afaan tokkoon darbu hubachuu yookiin afaan tokko fayyadamuu danda'uu ibsa.

Kanaaf, dandeettii dhaggeeffachuu kana barattoonni sirnaan akka cimsatan ogbarruutti fayyadamanii dandeettii dhaggeeffachuu barsiisuun baay'ee murteessadha. Sababni isaatiis itti bashannanaafi gammadaa baratu waan ta'eefi.

Ogbarruutti fayyadamanii dandeettii caqasuu barsiisuun barattoonni caalatti si'aayinaan akka baratan taasisa.Ogbarruuwwan baay'ee gaggabaaboofi gammachiisoo ta'anitti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun baay'ee murteessoofi bu'a qabeessadha.

Walaloowwan baay'ee gaggabaaboofi gammachiisoo akkasumas asoosamoota baay'ee gaggabaaboofi hawwato ta'anitti fayyadamanii dandeettii caqasuu yoo barsiisan barattoonni yommuu dubbifamuuf itti gammadanii sirnaan waan caqasaniif dandeettii waa caqasani hubachuu daraan goonfachaa demu.

Kun ammoo gosoota barnoota biroo illee amaleeffannaa sirnaan caqasani hubachuu akka horatan isaan taasisa.Kanaaf, dandeettii caqasuu barsiisuu keessatti shoorri ogbarruun qabu baay'ee olaanadha.

4.1.2 Gahee Ogbarruun Dandeettii Dubbachuu Goonfachiisuu Irratti Qabu

Afaan baruu keessatti dubbachuun sadarkaa duraafi kan bal'inaan hojii irra ooludha. Fakkeenyaaf, namoonni hin baranne osoo dubbisuufi barreessuu hin beekiin dubbachuudhaan waliigalu. Kaayyoon dubbachuu inni guddaan ergaa yookiin odeeffannoo dabarsuudha. Dandeettiinwwaan afaanii afran keessaa dubbachuun bal'inaan kan itti tajaajiluudha.

Dandeettiinwan bu'uuraa afaanii afran keessaa tokko dandeettii dubbachuu akka ta'e ni beekkama. Dandeettiin dubbachuu hundaa ol dandeettii dhaggeeffachuu waliin adeema. Sababni isaas namni dubbatu jiraannan kan dhaggeeffatu jiraachuu waan qabuufi. Bakka namni dhaggeeffatu hin jirretti kaayyoon dubbachuus galma hin gahu. Haa ta'u malee, kophaa dubbachuun yookiin odeessuun hin danda'amu jechuu miti. Iddoo namni biraa hin jirretti sirbuun, faarsuun, geerraruufi weellisuun ni danda'ama. Haalli kun garuu ergaa yookiin odeeffannoo dabarsuu irratti quubsaa miti. Kaayyoon kophaatti dubbachuus tarii jaalallee ofii mararfachuuf, waaqa galateeffachuus, lammii yookiin saba ofii faarfachuuf, warra ofii faarfachuuf, hiriya ofii faarfachuuf yookiin immoo hawwii, fedhii yookiin rakkoo namarra gahe ibsachuufi furmaata isaa ibsachuuf ta'uu danda'a. Ta'us odeeffannoon sun akka tasaa yoo dhagahame malee bu'a qabeessummaan isaa shakkisiisadha.

Jiruufi jireenya hawaasaa keessatti dandeettiinwan dhaggeeffachuufi dubbachuu bal'inaan hojiirra oola. Daa'imni tokko hawaasa keessatti dhalate irraa leenjii addaa osoo hin qabaatin afaan hawaasa sanaa dubbachuufi dhaggeeffachuu barata. Kun kan ta'uufis wal qunnamtii hawaasichi dhimmoota adda addaa irratti taasisu keessatti dhalatee waan guddatuuf rakkoo malee afaan sana barata. Adeemsa kana keessas dandeettiinwan kana lachan(lamaan) dhawaata dhawaatan cimsataa deema.

Dandeettiinwan kunniin barnootaan daraan cimuu akka danda'anis dagatamuu hin qabu. Shaakalliifi muuxannoon mana barnootaa keessaa argamu muuxannoo duraan jiru waliin wal simatee yoo gabbate bu'aa gaarii argamsiisa.

Kanaaf, dandeettii dubbachuu kana barattoonni sirnaan akka cimsatan ogbarruutti fayyadamanii dandeettii dubbachuu barsiisuun baay'ee murteessadha. Sababni isaatis itti bashannanaafi gammadaa baratu waan ta'eefi.

Ogbarruutti fayyadamanii dandeettii dubbachuu barsiisuun caalmatti bu'a qabeessa taasisa. Barattoonni dandeettii waa ibsuullee akka goonfatan taasisa.

Walaloofi asoosama baay'ee gaggabaaboo ta'anitti fayyadamuun barattootaaf dubbisuun yookiin barattoonni ijaan dubbisanii deebisanii jecha mataa ofiitiin akka ibsan taasisuun dandeettii dubbachuu goonfachiisa. Kanaaf, ogbarruun dandeettii dubbachuu cimsachiisuu keessatti shoora olaanaa qaba.

4.1.3 Gahee Ogbarruun Dandeettii Dubbisuu Goonfachiisuu Irratti Qabu

Dubbisuun yaadota barreeffamaan dhiyaatan walitti qindeessanii hubachuudha. Akkasumas, dubbisuun yaada barreessan tokko dhiyeesse hubachuun yaada irratti kennuu, muuxannoo ofii wajjin walsimsiisuufi faayidaa inni jirruufi jireenya keessatti qabu xiinxaluudha. Hornby. A-S. (1986:698) dubbisuu yommuu ibsu beekumsa waan tokko hubachuuf yookiin hiikuuf kitaaba irraa argamu akka ta'e ibsa. Walumaa galatti dubbisuun yaada barreeffamaan dhiyaate tokko hubachuu jechuudha.

Kanaaf, dandeettii dubbisuu kana barattoonni sirnaan akka cimsatan ogbarruutti fayyadamanii dandeettii dubbisuu barsiisuun baay'ee murteessadha. Sababni isaatiis, itti bashannanaafi gammadaa baratu waan ta'eefi.

Ogbarruutti fayyadamanii dandeettii dubbisuu barsiisuun gahee olaanaa qaba. Barattoonni kaka'umsa akka qabaatan taasisa.

Walaloowwaniifi asoosamoota baay'ee gaggabaaboofi gammachiisoo ta'anitti fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuun, barattoonni itti gammadaa si'aayinaan waan dubbisaniif dandeettii dubbisuu isaanii daraan ni cimsatu. Kanaaf, dandeettii dubbisuu barattoota goonfachiisuu keessatti shoorri ogbarruun qabu laayyoo miti.

4.1.4 Gahee Ogbarruun Dandeettii Barreessuu Goonfachiisuu Irratti Qabu

Barreessuun dandeettiwwan afaanii afran keessaa isa tokko ta'ee akkuma dandeettii dubbisuu mana barumsaa galuudhan beekumsa argamuufi barumsaan kan gabbifatamuudha.

Daavis (1986) akka ibsutti, dhimma kamiyyuu waraqaa irratti barreessudhaan nama birootiin gahuu kan nu dandeessisu dandeettii barreessuti. Baayren (1991:1) akka ibsutti, dubbii yookiin

dubbachuu bakka bu' uudhan yaada waraqaa irra keenyudha. Walumaa galatti barreessuun bakka buusa dubbiiti.

Kanaaf, dandeettii barreessuu kana barattoonni sirnaan akka cimsatan ogbarruutti fayyadamanii dandeettii barreessuu barsiisuun baay'ee murteessadha. Sababni isaatiis itti bashannanaafi gammadaa baratu waan ta'eefi.

Ogabarruutti fayyadamanii dandeettii barreessuu barsiisuun gahee olaanaa qaba. Walaloowwaniifi asoosamoota baay'ee gaggabaaboofi babbareedoo ta'anitti fayyadamuun dandeettii barreessuu barattoota barsiisuun baay'ee bu'a qabeessa taasisa.

Barattoonni ofii isaanitii walaloowwaniifi asoosamoota adda addaa kalaqanii akka barressan taasisa. Adeemsa kana keessa barattoonnis dandeettii barreessuu isaanii daraan gabbifachaa adeemu. Kanaaf, dandeettii barreessuu barsiisuu keessatti gahee ogbarruun qabu waan salphaa miti.

4.2 Itti Fayyadama Ogbarruu Haala Baruu-barsiisuu Irraa Argame

Itti fayyadama ogbarruu haala baruu-barsiisuu keessatti maal akka fakkaatu ragaalee qindeeffaman irraa akkaataa armaan gadii kanaan ibsamani/addeeffamanii jiru.

Daawwannaa daree manneen barnootaa: Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Libaanoos gaafa guyyaa 2/3/2012 (Kibxata) mana barumsa Xaree Qachaa, gaafa guyyaa 18/3/2012 (Kamisa) mana barumsa Shararoo lakk.1, gaafa guyyaa 6/4/2012 (Wiixata) mana barumsa Muka Dheeraafi gaafa guyyaa 22/4/2012 (Roobii) mana barumsa Sallee yeroo barsiisonni Afaan Oromoo barsiisan itti fayyadamni ogbarruu maal akka fakkaatu daawwatamee jira. Innis, mana barumsa Xaree Qachaatti yeroo barsiisaan Afaan Oromoo kutaa 8^{ffaa} barsiisu, mana barumsa Shararoo lakk.1 tti yeroo barsiisan Afaan Oromoo kutaa 6^{ffaa} barsiisu, mana barumsa Muka Dheeraatti yeroo barsiistuun Afaan Oromoo kutaa 5^{ffaa} barsiistuufi mana barumsa Salleetti yeroo barsiisaan Afaan Oromoo kutaa 7^{ffaa} barsiisu yemmuu ta'u, barsiisonni kunniinis yeroo Afaan Oromoo kana barsiisaan haalli itti fayyadama ogbarruu goonkumaa hin jiru. Haala daawwannaa daree manneen barnootaa afran(4'n) keessatti gaggeesseen akkaataan baruu-barsiisuu isaanii wal fakkaatadha. Innis, qabiyyee barsiisan (gilgaalota) sanaaf deebii kennuu malee ogbarruutti fayyadamanii qabiyyee barsiisan san hubachiisuun hin jiru.

Gahee ogbarruun Afaan Oromoo barsiisuu irratti qabu gaaffii barreeffamaa barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniif dhiyaateen, hundi isaanituu ogbarruun Afaan Oromoo barsiisuu irratti gahee akka qabu deebisanii jiru; haa ta’u malee ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun hanqinni akka jirus deebii bargaaffii irraa argameen hubatamee jira. Dabalataanis haalli qophii kitaaba barnoota Afaan Oromoo ogbarruudhaan sirnaan deeggaramee kan hin qophoofne ta’uu isaa hubatamee jira.

Sakatta’iinsa dabtara Afaan oromoo kan barattootaa taasifameen, kana jechuunis yaadannoo barattoonni qabataniifi gilgaalota hojjetan keessatti ogbarruutti fayyadamanii yaadannoowwan adda addaa kennuufi fakkeenyoota adda addaa kennuu irratti hanqina guddaatu jira. Inni kunis kutaa:shanaffaa, jahaffaa, torbaffaafi saddeettaffaa keessatti wal fakkaatadha. Kana jechuunis dabtara barattootaa kan Afaan Oromoo keessatti yaadannoowwan adda addaa kennamaniifi fakkeenyonni adda addaa kennaman kan ogbarruudhaan deeggaramee miti.

4.3 Kitaabilee Afaan Oromoo Kutaa 5-8 Keessa Ogbarruuwwan Jiran

Kitaabilee Afaan Oromoo kutaa 5ffaa- 8ffaa keessa ogbarruuwwan jiran akkaataa itti aanu kanaan ibsamani jiru.

Gosa Barnootaa	lakk	Kutaa	Baay’ina ogbarruu achi keessa jiru	Gosa ogbarruu
Afaan Oromoo	1	5ffaa	3	Walaloo
	2	6ffaa	2	Walaloo
	3	7ffaa	2	Walaloo
	4	8ffaa	1	Walaloo

Walaloowwan kunniiniis akkaataa itti aanu kanaan xiinxalamani jiru.

Walaloowwan barnoota Afaan Oromoo **Kutaa 5ffaa** keessa jiran kunniin barattoonni walaloowwan adda addaa akka isaan barreessan kan fedhii itti horuu miti. Gilgaalonni achi jalatti kennaman illee akka barattoonni walaloowwan adda addaa akka barreessan kan kakaasuu miti.

Walaloowwan barnoota Afaan Oromoo **Kutaa 6ffaa** keessa jiran kunniin barattoonni walaloowwan adda addaa akka isaan barreessan kan fedhii itti horuu miti. Gilgaalonni achi jalatti kennaman illee akka barattoonni walaloowwan adda addaa akka barreessan kan kakaasuu miti.

Walaloowwan barnoota Afaan Oromoo **Kutaa 7ffaa** keessa jiran kunniin barattoonni walaloowwan adda addaa akka isaan barreessan kan fedhii itti horuu miti. Gilgaalonni achi jalatti kennaman illee akka barattoonni walaloowwan adda addaa akka barreessan kan kakaasuu miti.

Walaloowwan barnoota Afaan Oromoo **Kutaa 8ffaa** keessa jiran kunniin barattoonni walaloowwan adda addaa akka isaan barreessan kan fedhii itti horuu miti. Gilgaalonni achi jalatti kennaman illee akka barattoonni walaloowwan adda addaa akka barreessan kan kakaasuu miti.

Isa kana irraa hubachuun yookiin xiinxalamuun kan danda'amu dandeettii afaanii goonfachiisuu irratti haalli qophii sirna barnootaa hanqina guddaa qabaachuu isaa namatti agarsiisa. Kana jechuunis sirni barnootaa tokko yommuu qophaa'u dandeettiwwan afaanii afran akkamitti goonfatamuu akka danda'u xiyyeeffannaa keessa galchuun qophaahuu qaba.

4.4 Itti Fayyadama Ogbarruu Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5-8 Keessatti jiru

Itti fayyadamni ogbarruu barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 keessatti baay'ee gadi bu'aadha. Afaan tokko: afaan barnootaa, afaan hojii, afaan qo'annoofi qorannoo akkasumas afaan saayinsiifi teekinoolojii ta'uuf gadi fageenyan qoratamee yoo barsiifameedha. Keessumattuu ogbarruutti fayyadamani afaan barsiisuun gahee olaanaa qaba. Haalli itti fayyadama ogbarruu barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 keessa jiru kan barattoota gahoomsuu miti. Akka barattoonni waa dubbisaniifi waa barreessuu kalaqaniif kan kakaasuu miti.

Walaloon barnoota Afaan Oromoo kutaa 5ffaa keessa jiru baay'inni isaa baay'ee gadi bu'aa kan ta'eefi gilgaalonni achi jalatti kennaman barattoonni akka waa dubbisaniifi waa kalaqanii barreessaniif kan sirnaan kakaasuu miti. Gilgaalonni kan gaafatan: jechoota hiikaan walitti firoomsuu, jechoota waliin deemuu danda'an iddoo duwwaatti guutuu akkasumas barattoonni mata duree tokko yookiin lama qofa irratti walaloo akka barreessan daangessuu.

Kanaaf, haalli itti fayyadama ogbarruu barnoota Afaan Oromoo kutaa 5ffaa keessa jiru barattoonni akka waa kalaqanii barreessaniif kaka'umsa guddaafi si'aayina kan itti uumu miti.

Walaloon barnoota Afaan Oromoo kutaa 6ffaa keessa jiru baay'inni isaa xiqqaa ta'ullee, gilgaalonni achi jalatti kennaman barattoonni walaloo adda addaa akka dubbisaniifi akka barreessan kan taasisuudha. Gaafannoon gilgaalota kanneenitis yookiin gilgaalonni achi jala jiran: walaloowwan isaan gammachiisu daree keessatti fidanii akka dubbisaniifi walaloo adda

addaa ofii isaanitiin barreessanii ergaawwan isaallee akka himan kan taasisuudha. Kanaaf, haalli itti fayyadama ogbarruu barnoota Afaan Oromoo kutaa 6ffaa keessa jiru barattoonni walaloo adda addaa akka dubbisaniifi akka barreessan kan taasisuudha.

Walaloon barnoota Afaan Oromoo kutaa 7ffaa keessa jiru baay'inni isaa baay'ee xiqqaa ta'ullee gilgaalonni achi jalatti kennaman barattoonni walaloowwan adda addaa akka dubbisaniifi akka barreessan sirriitti kan jajjabeessudha. Gilgaalonni achi jala jiran kunniinis kan gaafatan: walaloowwan adda addaa barreessanii akka dubbisaniifi barreeffamoota hololoo gara walalootti akkusams walaloo gara hololootti jijjiiranii akka barreessan kan gaafatuudha. Kanaaf, haalli itti fayyadama ogbarruu barnoota Afaan Oromoo kutaa 7ffaa keessa jiru barattoonni walaloowwan adda addaa akka dubbisaniifi akka barreessan kan taasisuudha.

Walaloon barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessa jiru baay'inni isaa tokko(1) kan ta'eefi gilgaalonni achi jalatti kennaman barattoonni walaloowwan adda addaa akka dubbisaniifi akka barreessan taasisuu irratti baay'ee gadi bu'aadha. Gilgaalonni kunniinis kan gaafatan : dubbisani yookiin dhaggeeffatanii deebii kennuu, jechoota hiikaafi faallaan walitti firoomsuufi walaloo tokko(1) qofa barreessanii daree keessatti akka dubbisan kan taasisuudha. Kanaaf, haalli itti fayyadama ogbarruu barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessa jiru barattoonni walaloowwan adda addaa akka dubbisaniifi akka barreessan taasisuu irratti baay'ee gadi bu'aadha. Kun immoo barreessitoonni ogbarruu Afaan Oromoo baay'inaan akka hin horatamne nama taasisa.

4.5 Ogbarruutti Fayyadamanii Afaan Oromoo Barsiisuun Bu'aa Inni Qabu


Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun bu'aawwan adda addaa qaba.

4.5.1 Dandeettii Afaanii Afran Barattoonni Akka Goonfatan Taasisa

Dandeettiwwan afaanii afran keessaa dubbachuufi barreessuun odeeffannoo laachuuf kan namoonni itti gargaaraman yommuu ta'an, dhaggeeffachuufi dubbisuun ammoo odeeffannoo fudhachuudhaf kanneen dhimma itti bahaniidha.

Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun dandeettiwwan afaanii afran: dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu barattoonni akka goonfatan taasisa.

Dandeettiwwan afaanii afran kunniin walitti hidhatiinsa guddaa qabu.



Dandeettiwwan afaanii afran kunniin walitti hidhatiinsa guddaa waan qabaniif fakkeenyaaf, walaloowwan gaggabaabotti fayyadamuun yemmuu dandeettii dubbisuu barsiifnu walaloon kun barattoota waan sissi'eessuuf walaloo biroo akka isaan barreessan taasisa. Inni kun immoo dandeettii barreessus akka isaan goonfatan taasisa.

Asoosamoota gaggabaabotti fayyadamanii dandeettii dhaggeeffachuu yemmuu barsiifnu asoosamni kun barattoota waan sissi'eessuuf sirnaan akka dhaggeeffatan isaan taasisa. Dabalataan waan dhaggeeffatan san akka ibsan taasisuun dandeettii dubbachuu isaan goonfachiisa. Akkasumas, asoosamoota gaggabaaboo akka barreessan taasisuun dandeettii barreessuu akka horatan isaan taasisa. Keessumattuu dandeettiwwan: dhaggeeffachuufi dubbachuu akkasumas dubbisuufi barreessuu walfaana barsiisuuf ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun gahee guddaa qaba. Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun barattoonni si'aayina akka argataniifi waan baratan san akka shaakalan isaan taasisa.

4.5.2 Barattoonni Afaanichaaf Xiyyeeffannaa Guddaa Akka Kennan Isaan Taasisa

Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun barattoota waan gahoomsuuf afaanichaaf xiyyeeffannaa guddaa akka isaan kennan taasisa. Kanaaf, salphumatti dandeettii afaan kanaa goonfachuun ni danda'ama jechuudha.

Fakkeenyaaf, walaloo baay'ee gaggabaaboofi hawwato ta'anitti fayyadamuun Afaan Oromoo yoo barsiisne barattoonni barumsicha salphumatti hubachuu danda'u. Sababni isaatis walaloon amaluma isaatiin baay'ee kan nama harkisu, gammachiisufi sissi'eessu waan ta'eefi. Akkasumas, asoosamoota baay'ee gaggabaaboofi gammachiisoo ta'anitti fayyadamuun Afaan Oromoo barsiisuun barnooticha qabatamaa taasisa. Sababni isaatis asoosamni amala nama bashannansiisu qaba waan ta'eef barattoonni karaa si'aayina qabuun akka barnooticha hordofan yookiin baratan taasisa. Si'aayinaan barnooticha hordofuun immoo barnoota Afaan Oromoo sirnaan akka goonfatan taasisa. Kunis, dandeettiwwan afaanii afran(4n): dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu of keessatti hammata.

Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun barattoonni waan baratan san karaa salphaa ta'een akka isaaniif galu waan ta'eef jaalala afaan kanaa horachuun afaanichaaf xiyyeeffannaa guddaa akka isaan kennan taasisa.

4.5.3 Barattoonni Gara Fuula Duraatti Ogbarruuwwan Adda Addaa Akka Isaan Barreessan Taasisa

Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun barattoonni gara fuula duraatti barreessitoota ogbarruu akka ta'aniif kaka'umsaafi onnee itti hora. Inni kun immoo guddina afaan kanaatiif gahee guddaa qaba. Kanaaf, ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun waan akka laayyootti ilaallamuu miti.

Kana jechuunis, Afaan Oromoo ogbarruuwwan baay'ee gaggabaaboofi gammachiisoo ta'an kanneen akka walaloofi asoosamaatti fayyadamuun barsiisuun dandeettii Afaan Oromoo goonfachiisuu irra darbee barattoonni kunniin jaalattoota ogbarruu akka ta'an isaan taasisa. Kun immoo barattoonni kunniin gara fuulduraatti ogbarruuwwan adda addaa kalaqanii akka isaan barreessan taasisa. Yeroo walaloo itti fayyadamnee Afaan Oromoo barsiisnu, walaloon sun barattoota ni harkisa; ni gammachiisa; akkasumas ni sissi'eessa. Sababni isaatis walaloon bifa

nama hawwatuun jechoota filatamoodhan yookiin mimmi'aawodhaan qindeeffamee qophaa'a waan ta'eefi. Asoosamnis bifa nama bashannansiisuun yookiin gammachiisuun kalaqamee qindaa'ee qophaa'a waan ta'eef, yeroo itti fayyadamnee Afaan Oromoo barsiisnu barattoonni salphumatti dandeettii afaan kanaa goonfachuu danda'u.

Kana irraa kan ka'e barattoonni fedhii ogbarruu adda addaa dubbisuufi kalaqanii barreessuu horatu. Kana jechuun barattoonni yeroo barnoota irra turanitti ogbarruudhan Afaan Oromoo barachuufi dubbisani itti gammadani hubachuun waan jiruuf si'aayinaan gara fuulduraatti ogbarruuwan adda addaa kalaqanii akka barreessaniif hamilee yookiin kaka'umsa itti hora jechuudha. Kun ammoo barreessitoota ogbarruu hedduu akka horannu nu taasisa. Asirratti ciminni barsiisota Afaan Oromoo baay'ee murteessodha. Kana jechuunis, hubachiisuufi shaakalsiisuu irratti akkasumas hordofuufi deeggaruu irratti jechuudha. Kanaaf, barattoonni fedhii ogbarruuwan adda addaa dubbisuu guuttamanii irra darbuun gara ogbarruuwan adda addaa kalaqanii barreessutti dhufu jechuudha.

Walumaa galatti ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun guddina afaan kanaatiif akka furtootti ilaallamuu kan danda'uudha.

4.6 Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5-8 Keessatti Ogbarruuwan Faayidaa Guddaa Kennuu Danda'an

Barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 qabatamaa taasisuuf ogbarruuwan baay'ee gaggabaaboo ta'anitti fayyadamuun baay'ee murteessodha. Sababni isaatiis sadarkaa barnootaa barattoonni kunniin irra jiran waliin deema waan ta'eefi. Akkasumas salphumatti barnooticha qabatamaa taasisa waan ta'eefi. Keessumattuu barnoota Afaan Oromoo kutaa 5ffaa-8ffaa keessatti ogbarruuwan baay'ee gaggabaaboo ta'an kanneen akka walaloofi asoosamaa afaanicha ittiin barsiisuuf baay'ee faayidaa qabeessaafi murteessadha.

Fakkeenyaaf, ogbarruuwan gaggabaaboo barnoota Afaan Oromoo kutaa 5ffaa-8ffaa keessatti faayidaa guddaa kennuu danda'an akkaataa itti aanu kanaan ibsamani jiru.

Dastaa Dassaalany (2001) kitaaba "Eenyuma amantaa?" jedhu keessatti walaloowwan adda addaa barreesse keessaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 5ffaa-8ffaa ittiin barsiisuuf mijataadha jedhee kanan yaadu haala armaan gadii kanaan dhiyaatee jira.

Mata dureewwan walaloo kanneenii sababnin itti filadheef, sababoota adda addaatu jiru. Isaaniis: baay'ee gaggabaaboo fi sirnaan Kan qindaa'an ta'uu, kan baay'ee nama hawwatan ta'uu, ergaawwan fudhatama qabaniifi kan nama gammachiisan qabaachuu, dhaggeeffatanii yookiin dubbisanii hubachuuf baay'ee kan namatti tolan ta'uu isaaniifi Afaan Oromoo ittiin barsiisuuf baay'ee mijatoo ta'uu isaaniti. Kana jechuunis dandeettii afaanii afran salphumatti barattoota ittiin goonfachiisuun ni danda'ama jechuudha. Kana irra darbee barattoonni akka barreessitoota walaloo ta'an isaan taasisa.

Lakk.	Mata Dureewwan Walaloo
1.	Ilillii
2.	Jiruu
3.	Harmee
4.	Hiibboo
5.	Waadaa
6.	Dhugaatii
7.	Abdii
8.	Jaalala Halaalaa
9.	Adeemsa
10.	Imimmaan
11.	Lafa Bari
12.	Madda Walaabuu
13.	Gammachuu
14.	Yeroon Kaadhu
15.	Gaararraa
16.	Kamtu Wayyaa?

Walaloowwan gabatee armaan olii keessatti eeraman kunniin akkaataa armaan gadii kanaan xiinxalamani jiru.

Walaloon mata duree ‘**Iilii**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatani sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Harmee**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatani sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Hiibboo**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatani sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Waadaa**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatani sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Dhugaatii**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatani sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Abdii**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatani sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Jaalala Halaalaa**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatani sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Adeemsa**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatani sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Imimmaan**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatani sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Lafa Barii**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatanii sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Madda Walaabuu**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatanii sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Gammachuu**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatanii sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Yeroon Kaadhu**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatanii sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Gaararraa**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatanii sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Kamtu Wayyaa ?**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatanii sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Lataa Qana’ii(2020) kitaaba “Miila kaayyoo” jedhu keessatti walaloowwan adda addaa barreesse keessaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 5ffaa-8ffaa ittiin barsiisuuf mijataadha jedhee kanan yaadu akkaataa armaan gadii kanaan dhiyaatee jira.

Mata dureewwan walaloo kanneenii sababnin itti filadheef, sababoota adda addaatu jiru. Isaaniis: baay’ee gaggabaaboofi sirnaan Kan qindaa’an ta’uu, kan baay’ee nama hawwatan ta’uu, ergaawwan fudhatama qabaniifi kan nama gammachiisan qabaachuu, dhaggeeffatanii yookiin dubbisani hubachuuf baay’ee kan namatti tolan ta’uu isaaniifi Afaan Oromoo ittiin barsiisuuf baay’ee mijatoo ta’uu isaaniti. Kana jechuunis dandeettii afaanii afran salphumatti barattoota

ittiin goonfachiisuun ni danda'ama jechuudha. Kana irra darbee barattoonni akka barreessitoota walaloo ta'an isaan taasisa.

Lakk.	Mata Dureewwan Walaloo
1.	Kobbee Koo
2.	Bishaan Hidha Abbaan Haqaa
3.	Icciitii
4.	Finfinnee
5.	Mataa Kabeelaa
6.	Hin Muufachiisinaa
7.	Qeerroo Jechuun
8.	Shaayiin Itittuu Caala
9.	Akka Baaburaa
10.	Hunduu Gaariidha
11.	Hinabdatin !
12.	Baay'ee Nama Rakkisa
13.	Nuuf Moosisi
14.	Nama Ta'uun Ga'aadha
15.	Dirmammuu
16.	Fayyaa

Walaloowwan gabatee armaan olii keessatti eeraman kunniin akkaataa armaan gadii kanaan xiinxalamani jiru.

Walaloon mata duree '**Kobbee Koo**' jedhu kun baay'ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatani sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay'ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree '**Bishaan Hidha Abbaan Haqaa**' jedhu kun baay'ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatani sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay'ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Icciitii**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwataniisirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Finfinnee**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwataniisirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Mataa Kabeelaa**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwataniisirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Hin Muufachiisinaa**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwataniisirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Qeerroo Jechuun**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwataniisirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Shaayiin Itittuu Caala**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwataniisirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Akka Baaburaa**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwataniisirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Hunduu Gaariidha**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwataniisirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Hinabdatin !**’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwataniisirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Baay’ee Nama Rakkisa** ’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatanii sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Nuuf Moosisi** ’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatanii sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Nama Ta’uun Ga’aadha** ’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatanii sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Dirmammuu** ’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatanii sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Walaloon mata duree ‘**Fayyaa** ’ jedhu kun baay’ee gabaaboofi jechoota filatamoo yookiin nama hawwatanii sirnaan qindaayee kan barreeffameedha. Baay’ee kan nama hawwatuudha. Kanaaf Afaan Oromoo ittiin barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Dastaa Dassaalany(2011) kitaaba “Waadaa” jedhu keessatti asoosamoota adda addaa barreesse keessaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 5ffaa-8ffaa ittiin barsiisuuf mijataadha jedhee kanan yaadu haala armaan gadii kanaan dhiyaatee jira.

Mata dureewwan asoosamoota kanneenii sababnin itti filadheef, sababoota adda addaatu jiru. Isaaniis: gaggabaaboofi sirnaan kan qindaa’an ta’uu, kan baay’ee nama hawwatan ta’uu, ergaawwan fudhatama qabaniifi kan nama gammachiisan qabaachuu, dhaggeeffatanii yookiin dubbisanii hubachuuf baay’ee kan namatti tolan ta’uu isaanifi Afaan Oromoo ittiin barsiisuuf baay’ee mijatoo ta’uu isaaniti. Kan jechuunis dandeettii afaanii afran(dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) salphumatti barattoota ittiin goonfachiisuun ni danda’ama jechuudha. Kana irra darbee barattoonni akka dubbistootaafi barreessitoota asoosamaa ta’an isaan taasisa.

Walumaa galatti, asoosamoonni kunniin barnoota Afaan Oromoo qabatamaa taasisuu irra darbee barattoonni dubbistootaafi barreessitoota asoosamaa akka ta’an isaan taasisa.

Lakk.	Mata Dureewwan Asoosamaa
1.	Xalayaa Rabbii
2.	Daabee Hanquu
3.	Ciniintii
4.	Hiccitii
5.	Karaa Deebii
6.	Dhungoo
7.	Milkii Malkaa
8.	Mucucaa
9.	Xurree
10.	Wallaaluu

Dabalataanis, diraamaawwan baay’ee gaggabaaboo ta’an barreessanii Afaan Oromoo ittiin barsiisuun barnooticha qabatamaa taasisa jedheen yaada.

Fakkeenyaaf, diraamaa gabaabaan kutaa lamatti qoodamee akka itti aanu kanatti dhiyaate kun dandeettii afaanii afran barattoota ni gonfachiisa.

Kabaja Salphate (kutaa 1)

Kutaa 1^{ffaa}n diraamaa kanaa hojjettoonni kaampaanii dhuunfaa tokko keessa hojjetan afur ta’anii yeroo waliin dubbatantu mul’ata. Waajjirri isaanii baay’ee miidhagaa; hunduu teessoofi minjaala sadarkaa isaa eeggate qabu. Tokkoon tokkoo isaaniif kompiitarri jira. Afran isaanii keessaa lama dubartoota. Isheen tokko barreessituudha. Umuriin ishee waggaa 22(Lalii). Isheen tokko itti aantuu hoogganaati; umuriin ishee waggaa 48(Soolanee). Kanneen biroon lamaan dhiirota; tokko dargaggeessa waggaa 27ti (Roobaa). Inni tokko immoo ga’eessa waggaa 40ti(Araarsaa). Hunduu ganamaan hojii isaanii eegalanii jiru.

Lalii: Dhimma sooramaaf jecha galmeen keenya Eejensii Sooramaafi Hawaasummaatti

Ergamuuf jedha; ilaalatii mallatteessaa. (*Harka lamaan itti hiixatti; teessoo ishee irraa kaatee.*)

Soolanee: “ Isin naan hinjedhin” jennaan didde kaa ? (*Ija itti babaasaa, sagalee guddaatiin.*)

Lalii: “Umuriidhanis, sadarkaa hojiitinis nancaaltu” jedheeni; dhiifama! (*Miira naasutiin lafa ilaalaa.*)

Soolanee: Yeroon dhaladhe situ na handhuuree, waa’ee umurii koo kan dubbattu ? (*Waraqaa irraa fuute dubbisuu eegalte.*)

Lalii: Dhiifama ! Dhiifama ! Dhiifama !

Soolanee: Ani hinheerumne ! “Aadde” jettee maaliif barreessita ? Jaanjoftuu ! (*Kobbee harka isheerra jiru itti furuursitee qolte.*)

Roobaa : “ Aaddeen” erga yoomii warra heerume qofaaf dhaabbate ? Ijoolleen waggaa kudhaniyyuu quxusuu isaanitiin “Aadde” jedhamaniiti waammamu. Osuma Finfinnee jiraanneyyuu aadaa keessatti guddannes osoo yaadannee ! (*Fuula tuffitiin.*)

Soolanee: Kan siwaliin dubbate hin jiru ! Afaan kee qabi, Roobaa !

Lalii : Dhiifa Aadde Soolanee, hin barreem ! Obbo Abdataanis akkanumatti barreessuum. (*Obbo Abdataan itti gaafatamaafi abbaa qabeenyaa kaampaanichaati.*)

Soolanee : Isayyuu itti dabaltee “Aadde” naan jettaa intala salphoonnana. Addi kee haabaqaqu ! (*Roobaafi Araarsaan afaan bananii dhaggeeffachaa jiru; kolfuuf sesseequ.*)

Roobaa : Kiti kiti kiti ... (*Harka lamaan moluu isaa qabatee kolfaan gaggabe.*) Maali kolfaan nugaggabsitee hoo ! Waan biraa aartee dhufte moo ? Osoo hin heerumin turuutu ammana si’aarsee ?

Lalii : Dhiifama Soolanee ! Tole ! “ Aadde” isa jedhu osoo hin dabaln barreesse. Aadde maqaa kabajaa salphina taasisuu barbaadde ? Taaksii keessattis guyyaa meeqaan ifatame dhimma kana irratti.

Soolanee : Sii Roobaa ! Atis dhiira taatee waa’ee heeruma koo dubbattaa ! Moo waan kolfaatu

Roobaa : Ijoollee laman qabaam. Anumatu dhalche. Dhaqii Damme koo gaafadhu malee...

Soolanee : Maal jechuu barbaadde ? “ Garaan saree dhadhaa kajeela” jedhan. Silaa dhiirummaa kee natti agarsiisuu yaadde ! Damme keefuu sintuffadha.

Roobaa : Dhadhaan eenyu ? Sareen eenyu ? Dhadhuma kana namni fuudhu dhabamee waggaa 44 teessee ? Abjuudhamoo maalan dhaga’aa jira har’a ? (*Sagalee gadi qabatee gara Araarsaa ilaalaa.*)

Araarsaa : Kaayyoo biraaf yoo dursa laatte hoo ?

Roobaa : Kaayyoo ishee situ himaa ?

Lalii : Maaltu nadhibe ! “ Soolanee keeyyataa” jedhee siif barreesse kunoo !

Araarsaa : Baay’ee nama ajaa’iba dubbiin keessan kun; Obbo Abdataan galmee keenya gara Waajjira Eejensii Sooramaafi Hawaasummaatti erguuf...

Roobaa : Kana eenyutu wallaale ? “ Obbo Abdataan warra hin fuune fuusisuuf, warra hin heerumne heerumsiisuuf” kan jedhe jiraa ?

Araarsaa : Ati inni waggaa 27tti daa’ima mana guutte maal buufatte ? Eenyuun tuquuf kun hundi ?

Roobaa : Hojiiyyuu osoo abbaan qabeenyaa kun hin jiraanee salphattan. Amma immoo carraa abbaa manummaafi haadha manummaas isiniif haakennuuree abbaan qabeenyaa kun ?

Araarsaa : Isa ofiif yaadda’i. Ani eessattuu nama hojjetee buluudha !

Roobaa : Soolanee ! Araarsaa ! Nadhageessuu ? Kit kit kit... Homaa miti. Cabaafi cabaan walitti fayyaadha. Maaliif diida ilaaltu ? Osoo walitti hirkattanii maal ta’a amma ?
(*Soolaneen isa gadi jettee boossu oljetee...*)

Soolanee : Waan dubbattu akeekkadhu. Cabaan suphamu as hinjiru. Araarsaas yoo ta’e kaayyoo isaaf yoona ga’e ... (*Booyichaan hudhamte.*)

Araarsaa : Anaan giiftii koo ! kan fuudheef kan heerume namaaf hin beeku. Xiqqoo na hangaftaayyuun sodaadhe malee anuu.

Lalii : Ililili ..., Galata kee ! Galata kee ! Galata kee ! (*Kompiitara ishee irraa sirba “ Dabaala keessan dhufnee taphachuu, heeruma gaarii fuudhaa gammachuu” jedhu sagalee olkaastee bantee duukaa shubbisti.)*)

Roobaa : Heeruma gaarii fuudhaa gammachuu... (*Mobaayilii isaatiin suura isaan kaasa; Soolaneefi Araarsaan osoo hin yaadin imimmaaniin fuula dhiqataa jiru; Lamaanuu walsossobu; hojiin dhaabbateera; Obbo Abdataan karra banatee olseene; hunduu na’anii bakka jiranitti diilallaa’an.*)

Kabaja Salphate (Kutaa 2ffaa)

Gochi diraamaa kanaa kutaan 2^{ffaa} isaa, waajjiruma keessatti itti fufe. Obbo Abdataan abbaan qabeenyaa itti dabalamee jira. Ariitiin muddamee waan dhaga'aafi argaa jiru itti bitaacha'ee takka dhaabbatee ilaalee booda olseene.

Abdataa : Mana muuziqaa moo, mana booyichaamoo, mana cidhaati kun ?

Lalii : Dhiifama ! Dhiifama ! Dhiifama ! Akka tasaa dogongoranii (*Hunduu naasuu isaanii irraa hinbayyananne.*)

Abdataa : Maal giingoftaa ? Dubbadhu ! Sirba kanas narraa cufi ! Walitti hidhamanii jiruu jarri kun ? Roobaa irraa hiiki !

Soolanee : Baay'ee balleessine Obbo Abdataa. Laliifi Roobatu nujeeqa. Dhiifama ! Nurraa hin eeggamu.

Abdataa : Mindaa kanan sinii kaffalu waan hojjetaniif moo waan hojii dhiistanii shubbistaniifi ? Akka kanatti waliin hojjachuun hin danda'amu ! (*Hunduu naasudhaan lafa ilaalaa isa caqasu.*)

Roobaa : Kan balleesse Soolaneedha. Waan itti gaafatamtuu tokko irraa hineeggamne hojjetti.

Abdataa : Amma waan ta'aa jiru irratti dubbanna. Lalii, maaltu uummame?

Lalii : Waanuma xiqqaatu guddaa ta'e. Akkuma kaleessa natti himtanitti maqaa hojjettootaa barreesseen, ilaalatii mirkaneessaa jedheen dura ii..i..ii...itti aantuu hoogganaatti kenne. (*Aadde jechuus, maqaa waamuus sodaattee giingofti.*)

Abdataa : Kuni maal isaatu sirba, booyichaafi hojii hiikuu fideree ?

Lalii : “Maalif ‘Aaddee’ jettee maqaa koo fuulduratti barreessite? Yeroo nawaamtu ‘isin’ naan jette” jettee natti dheekkamte.

Roobaa : “Maalumaaf ‘Aaddee’ naan jette” jettee fooggalte; Obbo Abdataa.

Abdataa : Soolee, dhugaadhaa kun ?

Soolanee : Akka isaan afarsan kana osoo hin ta'in, “Maqaa koo biraa ‘Aaddee’ balleessin” Jedhe. Aaddummaan kun naaf hinliqimsamu ! Hinheerumne; hindeenye ! Keessumattuu Roobaan akka haftuutti na ilaalee natti qoose. (*Imimmaan ishee irra yaa'a*)

Abdataa : Hinbooyin Soolee ! Dhugaa qabda ! Barnootaaf jecha takka Finfinnee takka biyya alaa osoo jettuu turtee jirta. Iddoo garaan kee yaadees geessee jirta.

Roobaa : Isa mitiiree kan aadaa ishee dagachiisee, kabaja ishee jibbisiisee salphina filachiisee.
(*Kokkolfaa*)

Abdataa : Dubbiitti hin jarjarin Roobaa ! Afaan adda addaa keessatti dubartoota heerumaniifis ta'ee hinheeruminiif maqaa kabajaa ittiin waaman qabu. Soolee biyyi alaa ati turtellee akkasuma. Kana atis hinwallaaltu, nidagatte ta'a malee. (*Yaadicha irratti walii galuu ishee mataa raasutiin agarsiiste*). Hundi keenya ijoollummaa irraa kaasnee obbolaa keenyaan ' Aadde/Obbo ' jechaa guddanne.

Soolanee : Ani kanatti baay'ee hindhiphanne. Barumsa koo fiixaan baafachuuf jecha osoon hin heerumin ture; Akka haftuutti na ilaalu isaaniitu nagube malee.

Araarsaa : Yeroo biyya alaa turte heerumuu dandeessa turte mitii ? “ Faranjiitti heerumuurra Hiyyeessa biyya abbaa kiyyaa naaf wayya ” jetteef malee.

Roobaa : Maarree ! Siif darbe kaa barana !

Abdataa : Nama hin arrabsin Roobaa ! Yeroo meeqaan sitti himaa !

Roobaa : Tole ! Tole ! Dhiifama !

Abdataa : Sooleen hooggantuu cimtuudha; Barnootanis hojiidhanis isin caalti. Mindaan ishees guddaadha. Heeruma feenaan waan hundi guutuudha. Aaddee jedhamuun immoo kabajaaf malee salphinaaf miti. Kan abbootiifi haawwan keenyarraa darbaa dhufee nubira ga'e. Waan kabajaa akka salphinaatti fudhachuu haadhiisnu.

Roobaa : Kanaan booda heeruma moo ? (Kit kit kit kit ...)

Abdataa : Fayyaadhaa namichi kun ? Heerumni darbee hin qabu !

Lalii : Kanuma gammanneetiim sirbi duraanii !

Abdataa : Inni Araarsaa waliin walhammatanii boo'an hoo ?

Araarsaa : Isallee namararraanan sossobe ! (*Hunduu kolfan .*)

Abdataa : Akka garaan keessan walbira jirullee kanaan duraayyuu argee jira. (*Ija laafanii gadi ilaalan Soolaneefi Araarsaan*)

Roobaa : Isheetu hangafaam (*Quba isaa Soolaneetti qabee.*)

Abdataa : Yeroo hundaa isa fuudhutu hangafa ta'uu qaba kan jedhe eenyu ? Akkami nijaalattaa Soolee ?

Soolanee : Ee...ee...eeyyee ! (*Akka na'uu taatee arrabni ishee hidhamaa.*)

Araarsaa : Duraanuu gaafachuu sodaadheni malee (*Hidhiin isaa osoo hoollatuu dubbate.*

Hunduu ka'anii dhaabbatanii harka walitti rukutan; Gammachuudhaan utaaalan.)

Abdataa : Lalii isa sila cufte bani ! Dafi! (*Dabaala keessan dhufnee taphachuu, heeruma gaarii*

fuudhaa gammachuu...) Har'aa kaasee guyyaa cidha keessanii murteeffachuu

dandeessu. (*Ammas irra deebi'anii harka walitti rukutan.*) Baay'ee gammanne !

Durallee aareen ture. Amma buna dhugaatii gara hojiitti deebi'aa !

Diraamaan gabaabaa armaan olitti dhiyaate kun yemmuu Afaan Oromoo ittiin barsiisnu barattoonni dandeettii afaanii afran (4'n) akka isaan cimsatan taasisa. Kana jechuuniis, sirnaan nidhaggeeffatu, dubbatanii yaada itti nikennu, nidubbisu akkasumas diraamaa kalaqanii akka isaan barreessan onnee itti hora jechuudha.

BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA (CUUNFAA) ARGANNOOFI YABOO (YAADA FURMAATAA)

Boqonnaan kun mata dureewwan lama irratti kan xiyyeeffatuudha. Isaaniis: Guduunfaa (cuunfaa) argannoofi yaboo(yaada furmaataa) kan jedhamaniidha. Isaaniis akkaataa itti aanu kanaan duraa duubaan yookiin tartiibaan dhiyaatanii jiru.

5.1 Guduunfaa (Cuunfaa) Argannoo

Qorannoon kun qorannoo mata duree “ Xiinxala Gahee Ogbarruun Afaan Oromoo Barsiisuu Irratti Qabu: Xiyyeeffannaa Kutaa 5-8” jedhu irratti kan adeemsifameedha.

Kaayyoon qorannoo kanaa gahee ogbarruun Afaan Oromoo barsiisuu irratti qabu xiinxaluudha. Qorannoo kana adeemsisuuf yookiin gaggeessuuf mala qorannoo akkamtaa fayyadamee jira. Iddattoon filadhes mala iddatteessuu miti carraati. Odeeffannoon: bargaaffii, daawwannaafi sakatta'a dokomantii irraa argame xiinxalameetoo hiikamee jira. Akkasumas, “ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun bu'aan isaa maali ? ” gaaffii jedhuuf, ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun faayidaalee kanneen akka dandeettiwwan afaanii gurguddoo afran(4'n) barattoonni akka goonfatan taasisa; barattoonni afaanichaaf xiyyeeffannaa akka kennan taasisa; barattoonni gara fuula duraatti ogbarruwwan adda addaa akka isaan barreessan taasisa.

Qorannoo kana keessatti argannoowwan argaman akkaataa armaan gadii kanaan dhiyaatanii jiru.

- Haalli qophii kitaaba barataa/ttuu Afaan Oromoo kutaa 5-8 ogbarruun deeggaramee qophaa'uu irratti hanqinni jiraachuu.
- Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuu irratti barsiisota bira hanqinni guddaan jiraachuu.

Walumaa galatti, ogbarruutti fayyadamanii barnoota Afaan Oromoo qabatamaa taasisuuf haala qophii kitaaba barataa/ttuu Afaan Oromoo kutaa 5-8 fi barsiisota bira hanqinni guddaan kan jiruudha.

5.2 Yaboo (Yaada Furmaataa)

Yaboon qorannichaa argannoo bu'uuraa irratti hundaa'uun akka armaan gadiitti ibsamani jiru. Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuufi haala qophii kitaabaa irrattis hanqinni waan jiruuf:

Barsiisonni ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo akka barsiisaniif: Waajjirri Barnootaa Aanaafi hooggansi mana barumsaa xiyyeeffannoo osoo itti kennanii gaariidha. Dhimma kana irratti yookiin ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuu irratti leenjii gaggabaaboo hojiirraa barsiisota Afaan Oromootiif osoo kennamee baay'ee gaariidha. Akkasumas barsiisonni dhimma ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuu irratti leenjii waliin walii yeroo yeroon osoo fudhatanii baay'ee gaariidha. Barsiisonni ofii isaanitiif dursa osoo fedhii ogbarruuwan adda addaa dubbisuufi barreessuu qabaatanii baay'ee gaariidha.

Haala qophii kitaaba barataa/ttuu Afaan Oromoo irratti ogbarruudhaan sirnaan deeggaramee akka qophaa'uuf sirni barnootaa xiyyeeffannaa osoo itti kennee gaariidha. Kitaabileen barnoota Afaan Oromoo kutaa 5ffaa- 8ffaa ogeeyyii barnootatiin madaallamanii qaama dhimmi ilaallatuuf osoo gabaafamee baay'ee gaariidha. Kitaabileen barnoota Afaan Oromoo kutaa 5ffaa-8ffaa osoo yeroo yeroon fooyya'anii maxxanfamanii baay'ee gaariidha.

Dabalataanis kitaabileen kuusaa walaloowwan adda addaafi asoosamoota baay'ee gaggabaaboo gabaa irraa bitamanii manneen barnootatiif galii taasisuun barsiisonniifi barattoonni itti fayyadamanii baay'ee gaariidha.

Inni biraa immoo osoo dhimma kana irratti dhaabbileen mit-mootummaafi(dhaabbilee deeggartoota barnootaa) mootummaa dhimma kana irratti waliin hojjetanii baay'ee gaariidha. Sababni isaatiis hojii tokko milkeessuuf baajanniifi humni namaa murteessaa waan ta'eefi.

Keessumattuu Biiron Barnoota Oromiyaa dhimma barnoota Afaan Oromoo kutaa 5ffaa-8ffaa kanaaf xiyyeeffannaa guddaa osoo itti kennee kitaabileen yeroo maxxanfaman sirnaan ogbarruun deeggaramanii akka maxxanfaman osoo taasissee gaariidha.

Kitaabileen barnoota Afaan Oromoo kutaa 5ffaa-8ffaa erga maxxanfamanii yookiin umuriin isaanii gara naannoo waggaa diigdamaa(20) ta'aa jira waan ta'eef, osoo kitaabileen kunniin ogbarruun deeggaramanii fooyya'anii maxxanfamanii gaariidha.

WABIILEE

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa. Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee _____

Asefa Tefera. (2009). *Eela. Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far-East trading PLC.

Alamituufi Alamaayyoo. (2010). *Seenaa Afoolaa*. Sagantaa Barnoota Fagoo Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu. Yuunivarsiitii Jimmaa.

Alamituufi Taarikuu. (2010). *Sakatta'a Ogbarruu Oromoo*. Sagantaa Barnoota Fagoo Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu. Yuunivarsiitii Jimmaa.

Berhanu Mathews. (1999). *Fundamentals of Literature*. Addis Ababa: A.A.U Press.

Brumfit C. J, Carter.R.A.(1996). *Literature in Language Teaching*. London: Oxford.Press.

Dastaa Dassaalany. (2013). *Bu'uura Qorannoo Maxxansa 2^{ffaa}*. Addis Ababa:Far-East Trading PLC

Dastaa Dassaalany. (2011). *Waadaa*. Asoosamoota Ariitii Biroo Waliin. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansa Biraannaa.

Dastaa Dassaalany. (2001). *Kuusaa Walaloo*. Finfinnee: Mega Printing Press.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Subi Printing Press.

Hornby.A-S.(1986).Oxford *Advanced Learner's Dictionary of Current English*. Second Ed. London. Oxford University Press.

Lataa Qana'ii. (2020). *Miila Kaayyoo/Kuusaa Walaloo*. Finfinnee: Subi Printing Press.

Tafarii Nigusee. (2006). *The Development of Oromo Literature up to 1991* A.A.U MA Thesis.

Wasanee Basha. (2007). *Seer-lugaafi Ogbarruu Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing PLC.

DABALEEWWAN

Dabalee A

Yuunivarsiitii Addis Ababaa Koolleejjii Namoomaa Qo’annoo Afaanii, Joornaaliizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii.

Bar-gaaffii

“ Xiinxala Gahee Ogbarruun Afaan Oromoo Barsiisuu Irratti Qabu: Xiyyeeffannaa Kutaa 5-8” jedhu ilaalchisee bar-gaaffii dhiyaateedha.

Lakk	Gaaffii	Deebii	
		Eeyyeen	Lakki
1.	Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuun faayidaa qabaa ?		
2.	Ogbarruutti fayyadamanii dandeettiwwan afaanii gurguddoo afran(4’n):caqasuu(dhaggeeffachuu),dubbachuu, dubbisuufi barreessuu barsiisuun gahee(bu’aa) qabaa ?		
3.	Haalli qophii kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 ogbarruudhaan deeggaramee sirnaan kan qophaa’edhaa ?		
4.	Ogbarruutti fayyadamanii Afaan Oromoo barsiisuu irratti hanqinni barsiisota bira jiraa ?		

Dabalee B

Yuunivarsiitii Addis Ababaa Koolleejjii Namoomaa Qo'annoo Afaanii, Joornaaliizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Daawwannaa

“Xiinxala Gahee Ogbarruun Afaan Oromoo Barsiisuu Irratti Qabu: Xiyyeeffannaa Kutaa 5-8” jedhu ilaalchisee daawwannaa adeemsifameedha(gaggeeffameedha).

Lakk.	Maqaa Mana Barumsaa Daawwannaan Itti Gaggeeffame.	Kutaa	Guyyaa Daawwannaa
1.	Xaree Qachaa	8	2/3/2012
2.	Shararoo Lakk .1	6	18/3/2012
3.	Muka Dheeraa	5	6/4/2012
4.	Sallee	7	22/4/2012

Dabalee C

Yuunivarsiitii Addis Ababaa Koolleejjii Namoomaa Qo’annoo Afaanii, Joornaalizimiifi Quunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii.

Sakatta’a Dokomantii(Ragaa)

“Xiinxala Gahee Ogbarruun Afaan Oromoo Barsiisuu Irratti Qabu: Xiyyeeffannaa Kutaa 5-8” jedhu ilaalchisee sakatta’a dokomantii(ragaa) taasisameedha.

Lakk.	Sakatta’a Taasisame	Kutaa
1.	Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo	5-8
2.	Dabtara Barattootaa Kan Afaan Oromoo	5-8

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame warqaan qorannoo kun kan dhuunfaa kootii ta'uu yookiin kan koo ta'uu isaa mallattoo kootiin armaan gaditti mirkaneessee jira.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____

Ani _____ barataan kun kan hojiin isaa of ittisuu dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneessee jira.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____